

# **SEERA JAARMIYAALEE SIIVILII HAWAASAA ITIYOOPHIYAA IRRATTI HUJEEKA ITTI FAYYADAMTOOTAF QOPHA'E**



ኢትዮጵያ ፌዴራል የፖ.ሪ.ስ.ሪ.ወ. ዓ.ሪ.ሪ.ሪ.  
የፖ.ሪ.ስ.ሪ. ማንኛውም ድርጅቶች እና ደንብ



Federal Democratic Republic of Ethiopia  
AGENCY FOR CIVIL SOCIETY ORGANIZATIONS



<b>Ergaa Daarakteera olaanaa</b>	2
<b>Haambisa/ Ittiima</b>	4
<b>Gabaajeewwan</b>	5
<b>BOQONNAA 1: SEENSA</b>	6
Barbaachisummaa caaseffamuu seera haara	7
Jijjiaramoota gurguddoo labsii haaraa, labsii lakk 1113/2010, irratti godhaman	11
Gabatee 1: Gudunfaa Jijjiaramoota ijjoo labsii dhaabilee hawaasa argaman	11
<b>BOQONNAA 2: DANGAA RAAWWATIINSAA</b>	18
<b>BOQONNAA 3: Ejensii Jaarmiyaalee Siivilii Hawaasa</b>	22
Kaayyowwan Ejensicha	23
Aangoo fi Itti Gaafatamummaa Ejensicha	24
Ijaaramoota Ejensicha	26
Boordii	26
Daarektarichaa olaanaa fi itti aanaa daarektara	27
<b>BOQONNAA 4: Qajeelfamoota jaarmiyaaleen siivilii hawaasa ittin hundefamaanii fi galma'aan</b>	28
Qajeelfamoota jaarmiyaaleen siivilii hawaasa ittin hundefaman	29
Adeemsa Galmee	31
<b>BOQONNAA 5: Gosoota Jaarmiyaalee Siivilii Hawaasa</b>	34
Jaarmiyoota biyyaa alaa fi kan biyya keessaa	36
Jaarmiyoota biyya alaa	36
Jaarmiyaalee biyya keessa	36
<b>BOQONNAA 6: Dhimmoota hojjii labsii haarawwa keessatti hammatamaan</b>	42
Bilisummaa hojjii	43
Mirga qabeenyaa horachuu, Fudhachuu fi Itti Fayyadamuu	44
Sirna to'annoo keessoo fayiinansii	46
Bulchiinsa jaarmiyaalee siivilii hawaasa	47
Gabaasaa fi To'annoo	48
Gosoota gabaasa fi yeroo itti dhiyaatu	48
Gabaasa	49
Tarkanfiiwan Abboomamtummaa	50
Walitti makamuu, gargar qoodamuu fi Jijjiaramuu	50
Tarkanfii bulchiinsa	52
Akeekachisaa	52
Qoqqobbii/uggura	53
Diigamuu fi galmeesi irra haqamu	53
Mirga dhageeffatamuu	54
Bu'alee diigamu	54
Akeeka ofiin ofbulchuu	55

## EJEENSI JAARMIYAALEE SIIVILII HAWAASAA FDRE

### Ergaa Daarakteera olaanaa Irra Keename

Itiyoophiyaan jijiirama haala hawaasaa, dinagdee fi siyaasa biyyittii akka waligalaatti jijiiru keessattu ammoo seektara/kuuta jaarmiyaalee siivilii hawaasaas haala gaariin foyyesuuf kan danda'u jijjiraama akka biyyatti bu'ureefatee eegalte jirti. Hojjii jijiiramichaan walqabtan keessaa wagoota kurnaan darbaan keessatti labsii hacucaa Itiyoophiyaan qabdu keesssa akka tokkotti kan laalama ture labsii jaarmiyaalee tola ooltotaa fi hawaasaa lakk. 621/2009 ta'e dursi keenameefi akka fooyya'u godhameera.

Labsiin haaran jaarmiyaalee siivilii hawaasaa lakk. 1113/2011 kun, akka labsii issa mofaa oddo hin taane, labsichii mana maree Itiyophiyaatti dhiyaatee oddoo hin mirkana'iin dura adeemsaa wixinneessuu keessatti jaarmiyaalee siivilii hawaasaa mata issanii dabalatee qoodatooni labsichii issan ilaalatu adda adda marii keessatti akka hirmataan edda ta'ee booda mana mare hayyoota walabaa gorsa dhimoota seera fi haqaan labsichi wixineffamee Guraandhala 2011 tti ragasifamu danda'eera.

Kayyoon labsii haaraas keessattu mirga gurma'u heera motummaa Ityoophiya fi mirgoota dhalaa nama idil-adunyaakessatti jiruuf eeguumsa kennuu fi jaarmiyaalee siivilii hawaasaafis carraa banudhaan akka isaan misooma fufiinsa qabu, dimookrasii fi nageenya amansiisaa ta'ee argamsi-isudhaaf taffatii biyyittin gootu keessatti shora isaanii akka taphatan gochu fi hojji jaarmiyaalee siivilii hawaasaa hojeetanis itti fayyadama uumaata akka qabatu mirkaneesu dha.

Ragasiifamu seera haraa jaarmiyaalee siivilii hawaasaa hordofuunnis Ejeensiin jaarmiyaalee siivilii hawaasaa hojirra oolmaa labsichaaf tajaajjila si'ataa fi gahaa ta'ee laacha haariiroo ciimaa jaarmiyaalee siivilii hawaasaa faana umuun kuticha/seektaricha jijjiraama bu'uraa akka qabatuuf tataafii gudda gochaa jira.

Kana malees, Ejeensichi hojilee ijaarsa dandeetii, saxaxa caasaa, qajeelfamaa fi hujeeka itti fayyadamtoota qopheessuu akkasumaas hubannoo ummuu irratti bal'inaan hojechaa jira.

Galma gahumsa kanafiis Ejaansichi shariikoota kan akka Saganta Hoogansa Afrikaa ykn dhabata African Civil Leadership Program (ACLP) jedhamu dabalate sharikoota baay'ee faana hoojechuratti argama. Aangoo fi dirqamni Ejeensicha hojjira akka oolu gargaarufis Ejeensichi dhaabbata Saganta Hoogansa Afrikaa jedhamu faana waligaltee malattesseera.

Bu'uruma waligaltee kanaatiniis Ejeensiin jaarmiyaalee siivilii hawaasaa dhaabbata Saganta Hoogansa Afrikaa ykn dhaabbata- African Civil Leadership Program (ACLP)jedhamu faana jaarmiyaalee siivilii hawaasaa itiyophiyaa kessatti akkatti hundeesanii fi gageessuu danda'an lamiileef, jaarmiyaalee siivilii hawaasaa, fi qamoota fedhii qaban adda addaaf huubannoo akka laatutti hujeeka kana waliin qopheessaniru.

Hujeeknii kunis namooni bakka garaagaraa fi oguumaa adda adda irra jiraan haala hubaachuu danda'aniin itti fayyadama salphaan qopha'eera.

Haaluma kanan Hujeekni qopha'a'e kunis jaarmiyaaleen siivilii hawaasaa tataaffii Itiyophiyaaan misoomaa, dimokraasii fi ijaarsa nagaa ilaalcissee goochaa jirtu akka tumsaan/gargaraan haala gaarii mijeesa jedheen abdii qaba. Carraa kanaaniis dhaabbanni Saganta Hoogansa Afrikaa ykn dhaabbata (African Civil Leadership Program) (ACLP) hujeeka kana qopheessuu keessatti gargarsa teekniikaa fi mallaqaa nugodheef galata gudda qabuf ibsuun barbada.

Jima Dilbo

Daarakteera Ol'aanaa

EJSH

## **Haambisa/Ittiima**

Hujeeka kana keessatti yaadni dhiyaatee yaada dhunfa kitaabeessaa waan ta'eef ilaalchaa Dhabata Saganta Hoogansa Afrikaa (DSHA) yookaan ilaalcha dhabata- African Civil Leadership Program (ACLP) kan hincalaqisiisne ta'uu danda'a!!

## **Gabaajeewan**

ACSO-Agency for Civil Society Organization  
**EJSH-Ejeensii Jaarmiyaalee Siivilii Hawaasa**

CSO- Civil Society Organizations  
**JSH- Jaarmiyaalee Siivilii Hawaasa**

CSOP- Civil Society Organizations Proclamation No. 1113/2019  
**LJSH -Labsii Jaarmiyaalee Siivilii Hawaasa lakk. 1113/2011**

CSP- Charities and Societies Proclamation no. 621/2009  
**LJTOH-Labsii Jaarmiyaalee Tola Ooltotaa fi Hawaasaa lakk. 621/2009**

LJAAC-Legal and Justice Affairs Advisory Council  
**MGDSH-Mana mare Gorsa Dhimoota Seera fi Haqaa**

ACLP-African Civil Leadership Program  
**DSHA-Dhabata Saganta Hoogansa SiviiliiAfrikaa**

# Boqonnaa 1 Seensa

---

# Boqonnaa 1

## Seensa

### 1.1 Barbaachisummaa caaseffamuu seera haara

Mirgii gurmaa'uu heeraa motummaa Itoophiyaa fi waadaa mirgoota dhalanamaa idil-aduunyaa Itoophiyaan fudhatee ragaasifte keessatti mirgoota akka bu'uratti argamaan keessaa isa tokkodha. Heerri mootummaa Federalaa Itoophiyaas keewwata 31 irratti lammuin kamiyyuu kaayyoo seeraa qabeessa ta'eef mirga gurmaa'uu akka qabu tumeera. Waadaleen Itoophiyaan akka idil-aduunyatti fi akka naanootti fudhatee ragaasiftes kanuma kan ibsaaniidha. Jaarmiyaalee siivilii hawaasaa callaqee/agarsiistu mirga gurmaa'uu keessaa issa olaandha. Kabajamuun mirga gurmaa'uu mirgooni bu'uuraa biro akka kabajamanii fi dagaaganiif shoora guddaa taphata. Kanaafuu caaseffamni seeraa gartuu kana yookaan mirga gurmaa'uu to'aachuuf bahan kamiyyuu jaarmiyaalee siivilii hundeesuu fi kaayyoo isaanii galmaan gahuuf haalota mijataa umuu danda'u qabu. Kunis jaarmiyaaleen siivilii hawaasaa misooma fi dimokirasii itti fufiinsa qabu fiduu keessatti dhaabolee adda duree akka ta'an isaan dandeesisa.

Kanumaan walqabatee, madallawan akka idil-adunyaatii jiraani fi hoji-maatilleen bu'aa qabeessoo ta'an akka agarsiisanitti seerronni jaarmiyaalee siivilii hawaasaa ilaalchiisanii bahan gocha ukkamsuu/ugguruu, dhoorku fi adabuu irra haala hojjii mijataa umuu fi gargaarsa kennuu irratti xiyyeffachuu akka qabaniidha. Sirnii adeemsa galmeessuu saffisaan, haala ifaa fi salphaa ta'een akka deemuu qabu ni kaa'a. Hojjiin Ejensii to'atas hojjii keesso jaarmiyaalee keessa osoo hin galii seera waliin deema jiraachuu isaanii mirkaneesuu fi humna isaanii ijaaruu irratti ta'u qaba. Jaarmiyaaleen siivilii hawaasas murtii qaamni to'aataa issaan irratti fudhatu ilaalchiisee yeroo hundumaa mirga mana murtiitti ol iyyachu ni qabatu. Akkasumas, yeroo barbadanitti madda galii seera qabeessa ta'ee irraa mirga mallaqaa argachu fi itti fayyadamuu qabaachuu qabu. Miseensotni yookan hundeessitootni isaaniis kaayyoo jaarmayichaa murteesuuf mirga bili-isaa qabachuu qabu.

Kunis ta'ee osoo jiru, baroota darbanii gartichaa to'ataa kan ture labsiin lakk. 621/2001 caqassii idil aduunyaa fi heera mootummaa armaan olitti tuqamee irra bu'uura galumsatinii ta'ee bu'uura seerarra kan fagaateedha. Jalqabumarratti seerri dhaabolee miti-mootummaa fi jaarmiyaalee siivilii hawaasa jechuun qoqqodiinsa sirrii hin taanee irratti bu'ureeffachuun kan baheedha. Dhaabnii biyyaa bulchuu karaa adda addaan akka ibsaa tureetti jaarmiyaaleen siivilii hawaasa akka baay'ina waldaaleetti jechuunis, waldaa dubartoota, waldaa dargagootaa fi kan kana fakkaatan jedhamanii yoo fudhatamaan, dhaabbileen miti-mootumma ta'anii galii alaa irraa kan argataan immoo qaama ala irra warra ajandaa fudhatuu fi biyya keessattis fudhatamaa homayyuu kan hin qabnee waan ta'aniif, karaa mirgaa dhala nama, karaa walqixxummaa saala, waldanda'uu fi dhimma bulchi-insa waliin walqabatee sochii kamiyyuu gochuu fi hirmachuu akka hin dandeenyee ni ibsa ture. Ilaalchi kunis jaarmiyaalee siivilii hawaasa jaarmiyaa/waldaa tola ooltuu itoophiyaa fi jaarmiyaa/waldaa tola ooltu jiraatota itoophiyaa jechuun kan qooduu fi jaarmiyaa/waldaa tola ooltu jiraatota itoophiyaa irratti sosochii iddo hojjii daangessuu, gabaasa gochuuf ulaagallee barbaarchisaan fi mirgaa mana murtiitti ol iyyannoorratti loogiin akka irra gahuu godheera.

Bu'aadhanis seerichi sababa gurguddoo armaan gadiitti caqasamaniin madallii idil adunyaatii fi heera mootummaa kan hin guutne ture. Jalqabarratti kaayyowan labsii keeyyata 14 irratti tuqamaan raawwachisuuf yoo ta'een ala jaarmiyaalee siivilii hawaasa hundeesun hin danda'amuu jechuun lammilleen kaayyoo barbaadaniin jaarmiyaa akka hin hundeesinee ni daangessa ture. Kunis kaayyoo seera qabeessa kamifuu mirgaa gurmaa'uu karaa heera mootummaatin kennname waliin kan wal dhiitudha.

Lammaffaa, labsiin jaarmiyaalee siivilii hawaasa warra misoomaa fi taajajiila kenuu irratti bobba'aaniif galii alarra argachuu akka danda'aan kan heeyamuu yoo ta'u, warra mirgaa dhala nama, walqixxummaa saala, mirgaa qaama midhamtoota, mirgaa daa'imaniif, gartuu haqaa akkasumas kan amantaa fi kan waldanda'uu sabummaa gabbisuuf jaarmiyaalee hojjataaniif garuu galii isaanii 90% yookan sana ol maddaa galii biyya keessaa qofa argachuu qaban jechuun jaarmiyaalee giddutti loogii uumeera. Loogii gochuu fi mirgaa gurmaa'uu daangesun ala hojji-maatni kun naannoo mirgaa dhala namarratti jaarmiyaalee hojjataan ukkamsuun mirga lammillee keessumattuu mirgoonni gartuu saaxilama akka midhamu godheera.

Saddaffaarratti, labsiin duraa jaarmiyaalee mirga irratti hojjataan mirga irratti hojjachuu dhiisanii tajaajilaa kennu qofarratti akka bobbaa'an ni dirqisiiseera. Kuni immoo jaarmiyaaleen siivilii hawaasa lammillee waa'ee mirgaa isaanirratti barsiisuun, lammileen ga'umsa akka horatan carraqii gochaa turan kan gufachi-iseedha. Biyyaa keessa galii walitti qabuun gafuu baayee qaba. Kanneen keessayis kan eeraman: hiyyummaa, aadaan kaayyowan walfakkaatan mallaqaan gargaaruu kan hin jirre ta'u akkasumas dhiibbaa karaa mootummaarra dhufuu sodaachuu kan jedhoo eeramaniiru. Sababa kanaanis biyyaa keessa kan turan jaarmiyaaleen mirgaarratti hojjataan muraasni kaayyoo isaanii jijiiraniiru yookan haalumaa daangeffameen socho'uuf dirqaamaniiru.

Sadarkaa arfaffaa irratti, labsiin durii sun ejensiin jaarmiyaalee siivilii hawaasa galmeessuu, dhoorkuu/ittisuu fi diiguu waliin walqabsiisee murtii kenu ilaal-chiisee mana murtiitti mirga ol iyyannoo gaafachuu jaarmiyaalee tola ooltotaa itoophiyaa jeedhamanii labsiichaan taa'an qofaaf kenuun isaa ammas loogii ture agarsiisa. Kana jechuun lammileen mirgi gurmaa'uun isaanii yoo dhiibame ille maddi galii isaanii alarraa waan ta'eef qofa mirgi ol iyyannoo isaanii irra ni fudhatama yookaan ni dhorkama jeechuu dha.

Shanaffaa irratti qajeelfamootni ejensichaan bahan jaarmiyaaleen tola oltootaa waldaalee walfakkii qaban biro waliin gamtaa akka hin uummane ni dhorkaa. Waldaaleen ala fi biyya keessaas waldaalee Itoophiyaa jeedhamanii beekaman waliin gamtaa umu hin danda'an ture. Waldaaleen siivilis walitti hidhannoo akkanaa osoo uumanii baasiin baasan akka baasii bulchiinsatti waan jalaa lakka'amuuf walitti hidhannoo uumurra ofqusatuut turani.

Jahaffaa irratti, rakkoon ture qajeelfama 70/30tiidha. Kunis baasii sagantaaf bahaan akka baasii bulchiinsatti kan lakkaa'udha. Baasiin bulchiinsa ammo baajata jaarmiyichaa 30% ol ta'uun akka hin dandeenyee kayameera. Daangaan kayamee kun ammo jaarmiyaaleen sivilii kuneen hojjatoota gaha akka hin qacarree, naannoo baadiyaarra naanawwanii akka hin hojenne, qo'annaa fi qorannaa akkasumas leenji garagaraa akka hin gooneef danqaa itti ta'ee tureera. Sababnii isas baasileen kunnin akka baasii bulchiinsatti lakka'ama waan turaniifi. Kunis jaarmiyaalee daangessee sochoosuuf yookan immoo haala hin danda'amnee keessa galchuun itti erga ta'ee tureera.

Torbaffaa, labsiichii jaarmiyaaleen sivilii hawaasa sochii karaa hojjii isaanittiin walqabatee qofaan hirmaachuun galii argachuun akka danda'aan ni kaa'a. Kunis sochiin jaarmiyaalee mirgaa daldaluuf waan hin mijaatneef galii argachuuf wan-joo erga itti ta'ee tureera.

Dhumairrattis, labsiin ture ejensiin jaarmiyaalee fi waldaalee tola ooltota jaarmiyaalee siivilii hawaasa akka uguruu/dhoorkuu, diiguu fi tarkanfiwwan bulchiinsa kan biro akka fudhatuu aangoo guddaa kan kenneef yoo ta'uu karaa biraattin immoo dhiibbawwan fi miidhamota karaa ejensitiin dhufuu danda'an irratti eegumsa tokkollee kan hin goonee ture.

Sabaaboota kanneen armaan oliitti tuqamaniin seerichii sadarkaa idil adunyaatti ukkamsaa ta'uun isaa waan beekameef fakkaatii itoophiyaan qabduu kan xu-reessuu ta'ee ture. Bara 2010tti erga geggeesitootni jijiraama gara aangootti dhufaniin booda mootummaan seerotaa mirgaa ukkamsaan jijiruurratti kutan-noo akka qabu ibseera. Kanaafis yaa'ii fooya'insaa seera fi haqaa hundeesuun gara hojjitti galeera. Yaa'ii kanarratti gareewwan hojjii hundaa'an keessa jaarmiyaaleen siivilii hawaasa kan fooyesan tokko yoo ta'an labsiicharrattis qorannaa gadi fagoo geggeeseera. Qorannicharratti hundaa'unis yaa'ichii labsii duraanii haala mirgaa gurmaa'uu eegenii fi daangeffama jaarmiyaalee siivilii hawaasa irra jiruu kan kaasuu labsii haaraan akka bakka bu'uuf yaada gorsaa dhiyeeseera. Bu'urumaa kananis wixiineen labsii haaraan kakuuwwan idil adunyaa haala kabajeenii fi muuxxannoo gagaarii fudhachuun wixinnefamuu danda'eera. Qorannaan godhamee fi bu'aan haaran argameerrattis, qaamolee qooda qoodatoota waliin jechuunis jaarmiyaalee siivilii hawaasa waliin, ejensi waliin, paartilee siyaasa waliin akkasumas miidiyaalee waliin mariin godhameera. Foormiin mariis naannolee saglaan keessattu Finfinnee fi Dirree Dawaa dabalatee tola ool-totaa fi waldaalee waliin wal tahuun foramiin qophaa'eera. Jaarmiyaalee biyya alaa fi jaarmiyaalee siivilii hawaasa qaama miidhamtootarratti hojjatan waliinis haala addaa ta'een mariiwwan godhamaniiru. Bu'urumaa mariiwwan godhamanitiiniis fooya'insootni godhamanii wiixinnichii mana marree ministeerotaatiin fudhatama erga argateen booda jijiiramootni muraasni godhamanii mana marree bakka bu'oota ummataatiin ragaa'uu danda'eera.



## **1.2 Jijjiiramoota gurguddoo labsii haaraa, labsii lakk 1113/2011 irratti godhaman**

Akkumaa armaan olitti ibsameetti labsiin haaraan jaarmiyaalee siivilii hawaasa labsii duraa kan jaarmiyaaleenii fi waldaaleen tola ooltuu mirgaa gurmaa'uu karaa heera mootummaatiin argatan kabajuurratti rakkinoota fi hanqinoota jiran gad fageenyaan erga qorateen booda labsii argameedha. Madalliinii fi muuxxan-noon idil adunyaa akkasumas qorannoo gad fageenyaan godhameerratti hirkachuun labsiin haaraan jaarmiyaalee siivilii hawaasa jaarmiyaalee sivilii hawaasa itoophiyaa keessa jiraniif haalota mijata ittin humna isaanii gabbisaan uumu irratti karoorfamee kan qophaa'eedha. Labsichiis lammiileen kaayyoo seeraa qabeessa kamifuu mirgaa gurmaa'uu akka qaban ni raggaasiisa. Kanaafuu, labsichii qoqqoodinsaa jaarmiyaaleen siivilii hawaasa karaa maddaa galitiin turees kan hambiseedha. Sana oliittis qaamaa seera qabeessa kamirrayyuu mirgaa galii argachuu akkasumas hojjii daldalaan barbaadan kamirrattuu bobba'uun mirgaa galii argachuu isaan goonfachiiseera. Baasiwwan bulchiinsas ta'ee baasii sagantaa waliin walqabatee baasan akka baasii dhimmotaa bulchiinsaa waliin qofa kan walqabatee jechuun hiikaa itti kennee jirra. Boordii keessattis bakka bu'ummaa guddaa jaarmiyaaleef ni kenna. Galmee waliinis walqabatee sirna galmee saffisaa qabuu fi salphaa ta'e dhiyeseera. Ejensichiis murtii kamiyyuu irratti mirgaa mana murtiitiin ol iyyanno dhiyefachuu ni kenna. Kaayyoon ijoon ejensichaas jaarmiyaalee siivilii hawaasa gargaaruu fi humna itti horuu akka ta'ee ibsuun tar-kanfiwwan adabbii akka filannoo dhumaat ta'aniifi hojjii irra ooluu kan danda'anis jaarmiyaaleen dogoggora isaani akka sirreffataniif carraa kennuu fi seeran sababa isaanii dhageeffachuudhaan akka ta'ee ni ibsa. Tarkanfiwwan ejensichaan fudhatamaniis boordiidhan yooknis mana murtiitiin ilaalamuu ni danda'u. Labsiin haaraan daangaalee gamtaan akka hin uumamneef gufuu ta'aan kaasuun haalota gamtaalee gamtaa ittin uumaman ni mijessaa. Labsiichas raawwiirra oolchuuf taatootni olaanoon jaarmiyaalee siivilii hawaasa mataa isaanitii amanta jedhuun labsiin haaraan yaada ofiin ofbulchuu walbarsiiseera. Kanaafuu mana murree jaarmiyaalee hundeesseera. Manni marichaas danbii ittin bulmaata ni baasa. Raawwii isaas ni hordofa.

Gabateen armaan gadii jijjiramoota ijoo labsiichi kaa'e haala waligalattin cunfee akka armaan gadiitti kaa'eera.

kutaa	Labsii duraa	Labsii haaraa
Seensa	<ul style="list-style-type: none"> <li>Mirgaa gurmaa'u lammillee guutumaan guututti hin raggaasiisu.</li> <li>Faayidaa jaarmiyaaleenii fi waldaaleen tola ooltotaa misoomarratti qaban wal ni simsiisa.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Mirgaa gurmaa'u kabajuun gahee kaba-jamuu mirgoota biroof inni qabu ni hubata.</li> <li>Jaarmiyaaleen siivilii hawaasa mootum-maan iftoomina, itti gaafatamummaa fi hirmaachisummaa qabaatu gochuu keessati gahee inni qabu ni hubata.</li> <li>Jaarmiyaalee siivilii hawaasatiif haalli mijataan jiraachuun gargaarsi jaarmiyadleen misooma fi dimokraasirratti godhan barba-chisa ta'uu isa ni hubata.</li> <li>Bilisummaanii fi itti gaafatamummaan gartichaarra jiru madaallii isa kan eegate akka ta;ee ni hubata.</li> <li>Hawaasichaa keessatti tola ooltotni aadaan heeyamamuu gabbachuun barbaachisaa ta'u ni hubata.</li> <li>Hanqinoota labsii durarrraa turan guutuu.</li> </ul>
Daangaa raawwatinsa	<ul style="list-style-type: none"> <li>Jaarmiyaalee naannoo tokkoo olii fi Finfinnee fi Dirree Dawaa keessatti sosochoo'an</li> <li>Jaarmiyaalee tola ooltuu kan biyyaa ala</li> <li>Naannoo tokkoo qofa keessatti kan hojataan ta'anii galii isaanii alarra jaarmiyaalee ta'an</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>naannoo lamaa fi sana olii ,Finfinnee fi Dirree Dawaa keessatti kan sosochoo'an jaarmiyaalee biyyaa keessa fi alaati</li> <li>jaarmiyaalee naannoo tokkoo qofa keessatti socho'aan ta'anii maddaa galii kamiyyuu qabaatanis labsichii raawwiirratti hin taasiisu.</li> </ul>
Haala ijaarama boordii ejensichaa	<ul style="list-style-type: none"> <li>jaarmiyaaleen bakka bu'iinsa gaha kan hin qabnee ture</li> <li>miseensotaa boordii 7 keessa 2 qofatu jaarmiyaalee irra filatama.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Bakka bu'iinsa jaarmiyaalee wal gituu fi hirmaachisaa</li> <li>Qaama mootummaa irra nama 3, jaarmiyaalee siivilii hawaasa iraa nama 3, feder-eeshinii qaama miidhamtoota irra nama 2, waldaalee dargaggotaa fi dubartootaa irra nama 2 fi oggeesa bilisa ta'ee 1</li> </ul>

Aangoo Ejensii to'ataa	<ul style="list-style-type: none"> <li>To'annaa fi adabbiirrattii kan xiyyeefateedha.</li> <li>Aangoo murtii laachuu ba'aa ejensichaaf ni kenna</li> <li>Murtiin baayeen carraa mana murtiin ilaalamuu hin qaban</li> <li>Ba'aa fi kan guduunfamee waan ta'eef raawwii ejensichaatis ulfataa akkuma ta'eeti ture.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Sochiilee jaarmiyaaleen godhan walsimsii-sa, ni qindeessas</li> <li>Jaarmiyaaleen kan ofii isaanii kan ta'ee bulchiinsa keessoo akka qabaatan ni gar-gaara.</li> <li>Tola ooltummaa fi fedhaa tola ooltummaa ni jajabeessa.</li> <li>Fandii gargaarsa jaarmiyaalee ni hundees-sa.</li> <li>Qulqulleesitoota qopheesuun hojjii isaaniis ni hordofa.</li> <li>Sochiiliin jaarmiyaalee karoraa mootummaa waliin hanga danda'ameetti akka wal simatuu mirkaneessuuf qajeelfama ni qopheesa</li> <li>Qoranna fi qo'annaa taasisuun jaarmiyaaleen gahee misoomarratti, kabajamuu mirga dhala namarratti fi dimokiraasiirratti qaban lafa qabachiisuuf mootummaa ni gorsaa.</li> </ul>
Aangoo Boordii	<ul style="list-style-type: none"> <li>Kan guduunfamee fi boordiinis ejensii gaafataamaa gochuuf humna kan hin kennineedha.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Mirgii gurmaa'u haala guutuu ta'een akka kabajamuu fi jaarmiyaaleenis gartichaarra faayadamuu isaanii raggaasisuuf kallatii ni ka'a.</li> <li>Murtii daarektaara ejensichaa haala ol iyarnootiin ni laala</li> <li>Gochawan daarektaara fi itti aanaa daarektaraa ni gamagamaa.</li> <li>Koree muffii dhageefatanifis danbii sirna ni baasa haala raawwii isaanis ni hordofa.</li> <li>Jaarmiyaaleen bu'uurumma labsiirratti tuqameen sochii akka taasisaan qajeelfama ni baasa</li> <li>Karoraa fi gabaasa waggaan daarektaara ejensichaa irra ergaman qorachuun ni raggaasia.</li> </ul>

Akaakuu Jaarmiyaalee Siivilii Hawaasa	<p>Haalaa ijaaramaatii fi maddaa galitiin kan ramadamaan</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Jaarmiyaalee tola ooltuu Itoophiyaa</li> <li>• Waldaalee Itoophiyaa</li> <li>• Waldaalee jiraatotaa Itoophiyaa</li> <li>• Jaarmiyaalee tola ooltuu biyya ala</li> <li>• dhaabata tola ooltuu</li> <li>• waldaalee tola ooltuu</li> </ul>	<p>Maddaa galitiin osoo hin taanee qoqqoodi-insa ijaaramaan ta'eedha,</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Jaarmiyaalee biyyaa alaa</li> <li>• Jaarmiyaalee biyyaa keessa</li> <li>• Waldaalee</li> <li>• Jaarmiyaalee boordiin geggeefamaan</li> <li>• Jaarmiyaalee itti fufiinsa tola ooltu</li> <li>• Jaarmiyaalee tola ooltuu imaana</li> <li>• Koree tolaa ooltuu</li> </ul>
Waa'ee gamtaa uumuu	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Waldaaleen tolaa ooltotaa waliin gamtaa uumuu hin danda'an</li> <li>• Tola ooltotni Itoophiyaa jiraatotaa fi tola ooltota ala waliin gamtaa uumuu hin danda'an</li> <li>• Karaa kallatiin pirojektoota hojjachuun hin heeyyamamu.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Gamtaa uumuuf daangaan tokkollee hin jiru</li> <li>• Aangowwan dabalataa gamtaaleef ni kenna</li> <li>• Miseensotnii sagalee waliit ta'uun mirgaa fi faayidaawaliiniil kabachiisu</li> <li>• Humna miseensa ijaaruu fi carraqii mallaqa walitti qabuun gargaaruu.</li> <li>• Miseensotni gartuu hojjii irratti bobba'aan irratti qoranna fi qo'annaa akkasumas imamaataa fi hojjii gargaarsa hojjachuu</li> <li>• Miseensotaa waliin walmorkuu gochuu dhiisu</li> </ul> <p>Gamtaaleen gamtaa uumun ni heeyyamama</p>
Kaayyoo jaarmiyaalee/ dirree itti bobba'aan	<p>Kaayyowan labsii keeyyata 14 irratti tuqamee qofa irratti bobba'uutu heeyyamamadha.</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>• Jaarmiyaalee fi waldaalee tola ooltotaa Itoophiyaa qofa mirgaa dhala nama irratti, walqixummaa salaa, mirgaa daa'immanii, mirgaa qaama miidhamtoota, dhimma waldaada'uu fi dhimmotaa seera tuqan irratti bobba'aani danda'a.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Seera qabeessa hanga ta'eetti daangaa kaayyoo kamiyyuu hin qabaatu.</li> <li>• Jaarmiyaaleen Itoophiyaa keessatti ta'ee Itoophiyaaan alatti yookan naannolee fi guutuu biyyatti akkasumas sadarkaa idil adunyaatti socho'uun ni danda'u.</li> <li>• Maddaa galii seera qabeessa kamirrayyuu daangaa tokko malee galii walitti qabu ni danda.u.</li> </ul>
Galmee jaarmiyaalee biyya keessa kan ilaalatuu	Labsii lakk 621/2009 keeyyata 68	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Guyyaa 30 keessatti galmeen ni adeem-sifama</li> <li>• Qaboo yac'iil hundeefamaa, suura, waraaqa eenyummaa miseensotaa, maqaa fi mallattoo addaa (yoo jiraate) danbii ittin bulmaata, kaayyoo fi naannolee itti socho'aanii fi foormii ejensichaan dhiyaattuu guutuu</li> </ul>

Galmee jaarmiyaalee biyya ala kan ilaataluu	Labsii lakk 621/2009 keeyyataa 68	<ul style="list-style-type: none"> <li>Guyyaa 45 keessatti galmeen ni adeemsifama</li> <li>Sirnaan hundefamuu isaanii kan raggaasisuu sanadaa agarsisuu, dambii ittin bulmaata, Itoophiyaa keessatti hojjachaaf akka jiruu sanadaa raggaasiisu, sanadaa bakka bu'iinsan raggasifamee, Imbaasii irra yookan ministeera haajaa ala irra xalayaa deegarsa, karoora hojji raawwamatuu kan wagga lama gadii hin taanee ni barbaachisaa.</li> </ul>
Heeyyama kan ilaatalu	Heeyyamnii fi galmeen yaadotaa wal dhahaan turan	<ul style="list-style-type: none"> <li>Ejensichii galmee qofa adeemsisa.</li> <li>Seeran kan labsamee yoo ta'een ala heeyyama hin barbaachisuu</li> </ul>
Haaromsa	Haaromsii galmee wagga sadi sadiin ni godhamaa	Galmee dhaabbata waan ta'eef haaromsaa hin barbaachisuu
Haala herregnii ittin qabamuu fi gabaasni itti laatamu	Labsii lakk 621/2009 keeyyataa 79	<p>Jaarmiyaaleen galii qarshii kuma200 gadii qaban ibsa herregaa erguu ni danda'a</p> <ul style="list-style-type: none"> <li>Jaarmiyaaleen herregaa isaanii ji'oota 5 keessatti oditii hin godhan yoo ta'e ejensichii oditaraa ala muuduu ni danda'a.</li> <li>Miseensotni jaarmiyichaa 1/3 ta'an yookan jaarmiyaalee arjoontuun yookan jaarmiyichaa waliin wali galtee pirojeektii kan qaban qaamotni mootummaa qorannaan herregaa akka godhamu yoo gaafatan ejensichii herregnii jaarmiyichaa jaarmiyyaa alatiin akka qoratamuu gaafachuu ni danda'a.</li> <li>Geggesitootni hojji jaarmiyichaa tokko tokkoon bara baajatatti hojjiwwan gurgudoo hojjatamaan kan argisiisu gabaasa herregaa barri hojji erga dhumeen booda ji'aa sadii keessatti ejensichaaf dhuyeesuu qabu.</li> <li>Gabaasotni wagga yookan sanadootni jaarmiyaalee biratti argaman kamiyyuu qaama dhimmi laaluuf yookan miseensaaf yeroo gaafatametti dhiyaachuu qaba.</li> <li>Baankiin kamiyyuu yeroo ejensichaan gaafatamanitti tarree herregaa maqaa jaarmiyichaan banamanii fi ibsoota herregaa yeroodhuma sana dhiyeessuuf dirqaama qabu.</li> </ul>

Karaa gamaggamaatii fi tarkanfiwwan bulchiinsa ilaaluun	labsii lakk 621/2009 keeyyataa 84	<ul style="list-style-type: none"> <li>Qaamolee mootummaa, jaarmiyaalee arjoomtuu yookan ummatarraa yookan yeroo hojjii isaanii hojjataniitti odeeaffannoo argaman irra ka'uun ejensichii jaarmiyaan kamiyyuu hojjii isaanii bu'uura seeratiin hojataa akka jiran qorannaq geggesuu ni danda'a</li> <li>Qorannaq gochuufis duran dursee mirkanneefachuu fi hojjii qorannaq hanga danda'ameen arifata akka ta'u fi sochii jaarmiyadlee irratti karaa gufuu hin taaneen ta'u qaba.</li> </ul>
Karaa ugurri fi diigamuu ilaalchisee	Karaa daarektaraa ejensichaan diigamuu ni danda'a	<ul style="list-style-type: none"> <li>Cabuu seera ulfaataaf daarektarri ejensichaaj yeroo ji'a 3 hin caaleef uguru ni danda'a.</li> <li>Uggurichiis boordiif kan dhiyaatuu yoo ta'u boordichiis murtiin mufii of keessa yoo qabaatee mana murtii olaanaaf ol iyanno dhiyeessuu ni danda'a.</li> <li>Tarkanfiwwan bulchiinsas <ul style="list-style-type: none"> <li>o ofeegachisaa</li> <li>o Ofegaachisaa ulfaata</li> <li>o Ugguruu/ittisuu</li> <li>o Murtii boordiitiin diiguu of keessa qaba Mirga dhagahamuu haqas ni qabu</li> </ul> </li> </ul>
Karaa mirga ol iyanno	Mirgii ol iyanno kan kennameef tola ooltoota fi waldalee Itoophiyaatiif qofa.	Jaarmiyaan kamiyyuu murtiwwan ejensi-chaas ta'ee kan boordiicha irratti mirga ol iyanno ni qabu.
Haala galii ittin walitti qabaniif fi itti faayadamaan ilaalee	<ul style="list-style-type: none"> <li>Kallatii kaayyoo jaarmiyichaa waliin wal qabatee qofaan galii walitti qabu danda'u. ta'us baasiwwan bulchiinsa bakka buusuun hin danda'amu</li> <li>baasiwwan bulchiinsas baajata jaarmiyichaa 30% caaluu hin danda'u. dabalataanis baasiwwan bulchiinsa baasiwwan sagantaa, kafaltii leenjistootaa fi kaafaltiwwan gorsa fi kanneen kana fakkaatan ofkeessa qabu.</li> </ul>	<ul style="list-style-type: none"> <li>Jaarmiyaaleen galii argachuuf sochii dal-dalaan kamirrattuu hirmaachuu ni danda'u, ta'uus herregichaa qofatti qabutuu irra jiraata.</li> <li>Baasiwwan bulchinsa kan jaarmiyaalee faayidaa Ummataatiif yookan qaama 3ffaatiif hundeefamaan baasiin bulchiinsa isaanii 20% caaluu hin danda'u.</li> <li>Baasiwwan bulchinsas karaa dhipheraan kan hiikaman yoo ta'u baasiwwan piroojekti karaa ifaan kan ofkeessa hin qabneedha.</li> </ul>

karaa ofiin ofbulchuu	labsiin lakk 621/2009 ofiin ofbulchuu of keessa hin qabu	<ul style="list-style-type: none"> <li>Ejensichii jaarmiyaalee deegaruu fi gara itti gaafatamummatti galchuuf itti gaafatamummaa qaba.</li> <li>Manni marii jaarmiyichaahundaa'us mala danbii ittin bulmaata baasutii fi kabajuu, gartichii boordii keessatti bakka akka bu'u fi ejensichiis sirna galmee fi dhimma to'annaa irratti akka gorsuuf aangoon kennameefira.</li> </ul>
Karaa jaarmiyaaleef gar-gaarsi qarshii itti kennamuu irratti	Karaa mirgaa dhala nama, dimokraasi, sirnaa saala, mirgaa daa'immanii, mirgaa qaama miidhamtoota waldandeesisuu irratti fi dhimma seera irratti jaarmiyaaleen hojjataan baajataa isaanii 10% oli ala irra argachuu hin danda'an	<ul style="list-style-type: none"> <li>Kaayyoo seera qabeessa fi maddii galiis seera qabeesa hamaa ta'eetti daangaan tokkollee kan hin jireedha,</li> <li>Jaarmiyaaleen biyyaa ala jaarmiyaalee biyyaa keessatif gargaarsa teeknikaa fi mallaqaa akka godhaniif ni jajjabeefamu</li> <li>Fandiin jaarmiyichaas (Ejiinsicha) labsiidhaan hundeeffameera. Kunis fedhii heeyyamamuu toltaa fi garee saaxilamtoo ta'aniirratti jaarmiyaalee hojjataan gar-gaaruu kan itti yaadamee qophaa'edha.</li> </ul>

# **Boqonnaa 2**

# **Daangaa**

# **Raawwatiinsaa**

---

## Boqonnaa 2

### Daangaa Raawwatiinsaa

#### **yaadadha:-**

labsiin haaaran jaarmiyaalee armaan gadii irratti  
kan raawwamatamuu ni ta'a

- Jaarmiyaalee ciivilii hawaasa kan biyya alaa
- Jaarmiyaalee biyya keessa kan naannoo tokkoo ol keessatti socho'aan
- Jaarmiyaalee ciivilii hawaasa Finfinnee fi Dirree Dawaatti socho'aan

Jaarmiyaan isiin keessa hojjataan Finfinneedhaa yookan Dirree Dawaadhaa biiroo/waajjira qaba yoo ta'ee yookan naannoo tokkoo ol keessatti socho'aa yoo ta'e ejeensii jaarmiyaalee siivilii hawaasatiif gabaasa gochuu fi galmaa'u qaba.

Jaarmiyaaleen naannoo tokko keessatti qofa socho'uu yoo ta'ee, qaama mootummaa naannichaarratti aangoo galmeessuu qabuun galmee geggeesuu qabu. Naannolee baayee keessatti aangoon kun aangoo biiroo/waajjira fayiinansiitii fi misooma ikoonomii naannichaayookan abbaa alangaa walii galatti.

Heera mootummaa naannichaa irratti akkuma ibsametti seerotni paaramaa naannottin kennaman seerota federaalaa waliin walitti kan hin buunee ta'uu qabu. Kaanaafuu, naannoleen seera labsii haaraa waliin walsimatuu baasanii mirgaa gurmaa'u karaa heera mootummaatiin jiruuf beekamtii guutuu akka kennaniif ni eegama.

Labsiichii dhaabbolee amantaa irratti raawwii hin qabaatu, sababni isaas labsichii dhaabboleen amantaa sochii sirna amantaatiif godhan irratti raawwii waan hin qabanneefidha. Dhaaboleen amantaa hojjii tola ooltumma irratti hirmannaq gochu yoo barbaadan immoo jaarmiya siivilii hawaasa bilisaa ta'ee of danda'e hundeessuu qabu. Jaarmiyaan kunis ejensichaan galmaa'ee labsiichaan golgaa seera jalatti hammatamuu qaba.

Dhaabboleen amantaa hanga caaseffamnii seera kan galmeesiisaaniitii fi hojjii isaani waliin gahuu bahuufitti yeroo ammatti ministeera nagaa jalatti galmeen isaanii adeemsifama kan jiru.

### **yaadadha:-**

**labsiichii dhaabbolee armaan gadii irratti kan hin  
raawwatamatneedha**

- Dhaabbolee amantaa irratti
- Dhaabbolee aadaa fi amantaa kanneen akka iqubii fi afooshaa fi kan kana fakkaataan kan biroo
- Chaambarotaa daldala, gamtaalee daldala, gartuu daldala, paartiilee siyaasa akkasumas waldaalee caaseffamaa seera kan biroon haguugaman



# **Boqonnaa 3 Ejensii Jaarmiyaalee Siivilii Hawaasa**

---

## Boqonnaa 3

### Ejensii Jaarmiyaalee Siivilii Hawaasa

#### 3.1 Kaayyowwan Ejensichaa

Kaayyoon bu'uura labsii ejensii jaarmiyaalee siivilii hawaasa hundeessu, mirgaa gurmaa'u karaa heera mootummaatiin eegumsa argate raggasiisuu yoo ta'uu, karumaa walfakkaatuun itti gaafatamummaa lafa qabachiisuu fi fayyadamtum-maa ummataa guddisuu dha. Waan ta'efis, kaayyoon ejensicha inni guddaan gargaarsa kennuu fi to'annaa taasiisuudha. Karaa kanaanis jaarmiyaaleen siivilii biyya keessatti socho'aniif haala gal mee fi hojjii mijataa uumu, humna jaarmiyaalee siivilii hawaasa guddisuu, aadaa tola ooltumma jajjabeessuu fi qaamolee jaarmiyaalee siivilii hawaasa fi mootummaa giddutti walitti dhufeenyii hojjii inni gaariin akka uumamuu haalota dandeesisuu wal simsiiusu dha. Karaa biraan jaarmiyaalee siivilii hawaasa keessatti iftoominii, itti gaafatamummaa fi hir-mattummaa isaanii kan raggaasiisuu sirni ittin bulmaataa keessoo isaanii akka qabaatan dandeesisuu, jaarmiyaalee siivilii hawaasa keessatti haala ittin of to'ataan/tiksaan guddisuu fi hojjiiwwan jaarmiyaaleen siivilii hawaasa hojjataan fayyadamtumma olaanaa hawaasichaa kan mirkanessuu ta'uu isaanii to'achu-un kaayyowwan to'anno ejensichaa keessatti hammatamuu qaban keessa kan tuqamaniidha. Walumaa galatti, kaayyoon ejensichii to'anno fi gargaarsa irratti amma qabu, seera to'anno fi adabbii dur ture irra guututti adda dha.

Ejensichii bu'uuraan gal mee jaarmiyaalee siivilii hawaasa salphaa fi saffisaa ta-asiisuun, jaarmiyaalee keessatti fi jaarmiyaaleen siivilii hawaasa humna ofiin of-bulchuu isaanii guddisuun akkasumas mootummaa federalaatiif fi naannolee gid-dutti walitti dhufeenyaa hojjii gaarii ta'ee guddisuu, mirgi gurmaa'u akka gabbatu gochuuf itti gaafatamummaa qabu. Kaayyoon to'annaa ejensichaa kan milka'u, ejensichii gochaa fi gabaasa fayiinansii jaarmiyaalee siivilii hawaasa hordofuu fi to'achuudhaan, hoji-maatilee badda qorachuun tarkanfiwwaan bulchiinsa bar-baachisaa ta'an fudhachuudhaan, akkasumas danbii hojjii manni maree jaarmiyaalee siivilii hawaasa kennuu hojjirra akka oolu gargaaruudhaan ta'a. Kana hundarratuu garuu, ejensichii himmannotaa jaarmiyaalee siivilii hawaasarratti dhiyaatuf jarmiyaaleen kunneen carraa off irra ittisuu fi dhageetti akka argataan gochuufi, murtiiwwan irrattis mirga ol iyyanno gaafachuu isaanii raggasiisur-ratti itti gaafatamummaa qabu.

### **3.2 Aangoo fi Itti Gaafatamummaa Ejensicha**

Aangoo fi itti gaafatamummaan ejensichaa labsii keeyyata 6 irratti tarreefamee jira. Isaanis gal mee jaarmiyaalee siivilii hawaasa, hordoffii fi to'annaa gochuu, qoranna fi sanadaa walitti qabu, bulchuu fi gargaaruu akkasumas dabalataan hojjilee hojji bulchiinsa waliin wal qabatee fa.a of keessa qaba. Kanneen keessa waa'een gal mee fi to'annaa kanaan olitti kutaa 3.1 irratti ibsameera.

Itti gaafatamummaan qoranna fi sanadaa walitti qabu ejensichaa dirqama armaan gadii qabata innis jaarmiyaalee karaa isaatiin yookaan karaa mootummaa naannootiin galma'anii biyya keessatti sochii taasisaan lakkofsa isaanii, naanno itti bobba'an, akaakuu itti fayyadamttootaa fi odeefannoo kana fi kana fakkaatan kan of keessa qabu galma odeefannoo hundeessuu/dhaabuu, akkasumas gochawwan odeefannoo karaa maxxansaa miidiyaalee fi Interneetiitti fayyaadamun maxxansuu of keessa ni qabaata. Galmeen odeefannoo kuniis warrota qoranna taasiisanif, hayyoataaf, oggeesotaa miidiyaatii fi warrota imaammata kalaqan dabalatee ummataaf bana ta'u qaba. Dabalataanis ejensichii jaarmiyaaleen siivilii hawaasa misooma fi dimokirasi ijaarurratti gahee qaban ilaalchisee qorannawwan garagaraa qorachuu fi ibsuun, jijiiramota, rakkinnottaa fi carraa gaarii karaa jaarmiyichaan mul'atu adda baasuu, karaa jaarmiyaaleen siivilii hawaasa ittin gargaaramuu danda'an irratti mootumma ni mari'achiisu.

Itti gaafatamummaan ejensichii karaa qindeessuuttin qabu keessas gochawwan jaarmiyaaleen ciivii hawaasa misooma irratti qaban karoora mootummaan misooma irratti qabu waliin akka walsimatuuf gahe qajeelfama qopheessu of keessa kan qabu ta'a. Kunis jaarmiyaalee siivilii hawaasa fi mootummaa gid-dutti wal simachuun akka uumamuuf malee, karaa kaminiyyuu ejensichii hojjilee jaarmiyaaleen siivilii hawaasa karaa misoomarratti taasisaan ni murteessa jechuu miti. Qajeelfamootnis gochawwan gorsa ofkeessaa kan qabu yaada walii galatti malee kaayyoo fi gochawwan, kallatti xiyyeffannaan kan fuula dura fi karaa ittin hojji isaa raawwaturratti bilisummaa jaarmiyaalee siivilii hawaasa daangessuu hin danda'an.

Itti gaafatamummaan inni biraaj ejensichii qindeesuuf qabu waliin kan walqabatuu gochan ejensichaaj gartuu bulchiitotaa dabalatee dhaabbolee mootummaa federalaatti, mootummaa naannolee fi jaarmiyaalee siivilii hawaasa giddutti walgargaarsi akka jiraatu milkeesudha. Kunis olaantumman kan ta'uu, gargaarsa barbaachisuu kennuu fi waltajjii marii waliinii qopheesuudhaani. Waltajjiin marii walfakkaatus rakkolee karaa hojjiitiin jiran hiikuu caalaa humna waliinii, gamag-gamaa misooma, beekumsa waljijiiruu, hojjilee ofjala qaban irra gabaasa kan argataan, muuxannoongagaariinii fi imaamatootni waltajjii itti wal irra barata-maaniidha. Waan ta'eeefis jaarmiyaaleen siivilii hawaasa waltajjii marii waliinii imaamataa fi hojjii mootumma, jaarmiyaaleen siivilii hawaasa bakka bu'oota kutaa hawaasa dabalatee fayyadamtummaa hawaasa kan raggasiisaan akka ta'an dhiibaa uumuun itti fayyadamuu qabu.

Ejensichii jaarmiyaaleen siivilii hawaasa yoo diigaman tarree ogeeyyi herregaa qulqulleessuun tajaajilaan qopheessuun hojjii isaanii kallatii sirrii ta'een hojjachuu isaanii to'achuuf itti gaafatamummaa qaba. Dabalataniis ejensichii fandii siivilii hawaasa bulchuuf itti gaafatamummaa qaba. Kunis (itti gaafatamumman ejensichii fandii siivilii hawaasa bulchu) labsii jaarmiyaalee fi waldaalee tola ooltummaa dura irratti ejensichaaf kan kennamee ture innis jaarmiyaalee siivilii hawaasa qajeelfama tokkoo malee fi dandeetti/humna dhaabatichaan ala aangoor diiguu fi qabeenyaa isaanii qulqyllessun bulchu danda'a ture, dirqamni labsii ammatiin kaayamee garu itti gaafatamummaa herregaa qulqulleessuu fi qabeenyaa bulchuu labsii duraan ta'ee irra sirumaa addaa kan ta'eedha. Sababni isaas, seerri jaarmiyaalee siivilii hawaasa kan amma aangoor jaarmiyaalee diiguu kan kennuu manneen murtiitiif yoo ta'u haalotaa muraasa qofa irratti boordin ejensichaaj aangoor kana qabaachuu ni danda'a. Dabalataanis bu'uura labsi-chaatiin jaarmiyaaleen siivilii hawaasa erga diigamanii booda qabeenyii jaarmiyichaa akka imaanaa ogeessa qulqulleessa herregaa kan akka dhaaba daldalaa jala ta'a. Karaa kanaan aangoon ejensichaaj tarree qulqulleessitootaa herregaa qopheesuu fi sanas to'achuu qofa ta'a jechuudha.

Wantootaa gaarii labsiin haaraan qabatee dhufee keessaa fandii ejensii jaarmiyaalee siivilii hawaasan buluu hundeessuudha. Labsii keeyyataa 86 tiin akkuma tuqameetti, maddii galii fandii jaarmiyaalee amma jiranis ta'ee kan labsii duratiin diigamanii kan argamu qabeenya fi gargaarsa mootummaan godhuu irra ta'a. Ejensichiis jaarmiyaalee siivilii hawaasa qabeenya muraasan hojjii gatii olaanaa hawaasaf qabu hojjataniif fandichaa akka mijeesuu ni eegama. Bulchiinsa fandii siivilii hawasaa ilaalchisee ejensichii tarree seerootaa ni baasa. Aangoo ejensichaad armaan olitti ilaalee irratti dabalaataan, Ejeensiin dhaabbilee hawaasa yakka mallaqaa yookiin qabeenya gocha yakkaan argame seera qabeessa fakkeesanii dhiheessuu fi shoroorkeessummaa gargaaru, aadaa fedhii tola-oltummaa dagaagsu/jajjabeesuu ilaalchiisee akkasumas harshima/ragaa dhaabbilee hawaasa hundeesuuf oolan addan baasu ilaalchiisee mootummaa faana walitti dhiyeenyaan hojeechuf akkasumas danbii ittin bulmaata fi foyya'iinsa jaarmiyaalee siivilii hawaasa raggasiisuuf fi galmeesuuf itti gaafatatummaa qaba. Sochiin ejensichaad inni olaanaan finfinnee keessatti yoo ta'eellee, ejensichii magaalotaa naannoleetti dameewwan banuun yookan qaamota naannolee bakka buusuun tajaajilaa akka biraan gahuu ni eeggama.

### **3.3 Ijaaramoota Ejensichaa**

Ejeensiin jaarmiyaalee siivilii hawaasa bakka bu'aa qama mootumma fi jaarmiyaalee siivilii hawaasa kan of keessa haamatte Boordii/koree ijaarame qaba. Boordiin/koreen kunis daarektaraa olaanaa fi itti aanaa Ejeensichaan bulchiinsa geggeefamuu ni qabaata.

#### **3.3.1 Boordii**

Boordiin kun manneen bakka bu'oota mootummaa sadiin, bakka bu'oota jaarmiyaalee siivilii hawaasa torbaanii fi oggeessa tokkon kan qindaayeedha. Oggeesichi fi bakka bu'ootni mootummaa sadeen abbaa alangaan kan muudaman yoo ta'u, bakka bu'oota jaarmiyaa siivilii hawaasa torbaan keessa sadii mana marree jaarmiyaa siivilii hawaasarra kan filatamaan yoo ta'an issaan hafan immoo waldalee federeeshinii qaama miidhamtoota biyyoolesaa fi waldaalee dubartoota fi dargaggootaa irra miseensa lama lamaan kan bakka bu'uudha. Dura ta'an boordii abbaa alangaa walii galatiin ni muudama. Barri hojjii miseensa boordii waggaa sadii yoo ta'u, dabalaataan bara hojjii tokkoof irra deebi'uun filatamuun ni danda'a. Haa ta'u malee, itti fufiinsa fi qaabata/birminyii dhaabaticha itti fufsii-suuf, mootummaa fi jaarmiyaalee siivilii irra bakka bu'oota tokko tokko walumaa galatti bakka bu'oota lamaaf barri hojjii waggaa afur ta'u qaba. Ta'us garuu, bakka bu'ootni kun yeroo lamaffaaf/irradeebiin filatamuun hin danda'an (keeyyataa 10(3)).

Boordichii kaayyoo ejensichaa waliin kan walsimatuu kallatii imamaata ejensis-chii ittin hoogganamuu ka'uu, karoora fi gabaasa ejensichaa qorate mirkanee-suu, hiikowwan seera ejensichaan kennaman hordofuu fi to'achuu, gal mee dhoo-rkuu fi ugurri jaarmiyaalee siivilii hawaasa dabalatee murtiilee daarektaraa ejensichaan kennaman bu'uura godhachuun ol iyyannoolee dhiyaatan qorachu-un, seera dhabdummaa ulfataa yoo raawwatan yookaan seera cabsuu kan fak-kaatan irratti sirreefamaa sirreesaa osoo hin fudhatiin yoo hafan jaarmiyaalee siivilii hawaasa diiguu fi qajeelfama labsidhaan hojjirra oolu baasuuf aangoo qaba.

### **3.3.2 Daarektarichaa olaanaa fi itti aanaa daarektara**

Itti waamamnii daarektaraa olaanaa abbaa alangaa walii galatiif ta'ee bu'uura qa-jeelfama walii gala boordiin kennamuufin hojjii ejensichaa ni hojjata. Ejensichii walitti dhufeenyaa qaamolee sadaffaa waliin godhu kamiyyuu irratti daarektarichaa bak-ka buusuu ni danda'a. Daarektarichiis karoora hojjiwwanii fi baajata wagga ejensi-cha, raawvii hojjiitii fi gabaasa herregaa ni qopheesa. Dabalataanis daarektarichii hojjatoota ni qacara, ni bulchas. Aangoo ejensichii gal mee fi hojjiwwan jaarmiyaalee siivilii hawaasa keessatti qabu irratti daarektarichii qaama murtii dhuma laatudha. Waan ta'efis, qoondaaloota gal mee/rejestararaa ejensichaatiin yookan itti gaafat-amaa to'annoo fi hordofiitiin murtiin kennamu, akkuma qaama dhimmichii ilaalatu-tiin gaggeesitoota garee, itti gaafatamaa rejistararaatiin yookan daarektaraa to'at-uutiin, dhumarrattis daarektaraa olaanatii ol iyyannoон dhiyaachuu ni danda'a. Itti aanaan daarektara gochawan ejensiichaa karoorsuun, qindeesuun fi geggesuun daarektarichaa ni gargaara, daarektarrii olaanaan yeroo hin jirretti daarektarichaa bakka bu'uun ni hojjata.

# **Boqonnaa 4**

# **Qajeelfamoota**

# **jaarmiyaaleen siivilii**

# **hawaasa ittin**

# **hundeefamaanii**

# **fi galma'aan**

---

## **Boqonnaa 4**

### **Qajeelfamoota jaarmiyaaleen siivilii hawaasa ittin hundeefamaanii fi galma'aan**

#### **4.1 Qajeelfamoota jaarmiyaaleen siivilii hawaasa ittin hundeefaman**

Jaarmiyaaleen siivilii hawaasa waldaa heeyyama tola ooltu namoota yoo ta'uu, jaarmiyaa miseensotnii isaa yaada faayidaa qabeesa jedhanii fi jaarmiyaa bu'aaf hin dhaabanneedha. Haalota jaarmiyaaleen Siivili hawaasa ittin hundeefamu kan geggesan qajeelfamootni bu'uura labsii keeyyata 16 tiin kan tarreefaman yoo ta'u, keeyyatuma kana irratti ibsituu jaarmiyaalee siivilii hawaasa kan ta'an heeyyamnii/fedhiin tolaatii fi bu'aaf kan hin hundeefamnee ta'un isa xiyyeefanaan itti kennameera.

Kallatidhuma kanaan keeyyanni 16(2) miseensummaan jaarmiyaalee siivilii hawaasa heeyyama/fedhii dhuunfarratti kan hundaa'e ta'uu isa ni raggaasiisa. Kana jechuunis jaarmiyaalee siivilii hawaasa keessa seenuufis ta'ee bahuuf fedhii namoota yookan filannoo namootarratti kan hundaa'edha. Bu'urumaa kanaan misensii jaarmiyaa siivilii hawaasa tokko fedhii isaa malee dirqaamee miseensummaan turuu hin danda'u.

Seera irratti qajeelfamni lammaffaarratti arginuu hojji-maata loogii irra bilisaa ta'eedha. Jaarmiyaaleen siivilii hawaasa mirga ulaagalee fudhatama qaban kan miseensa ittin simaatan murteesu yoo qabaatu, ulaagaleen kunis akkasummati kan ta'an osoo hin taanee seera qabeesaa fi kaayyoo jaarmiyaalee siivilii hawaasa waliin kan adeemuu ta'uu qabu. Bu'urumaa kanaan jaarmiyaaleen siivilii hawaasa umriidhaan, saalan, sanyiidhaan, haala qaamatiin, ilaalcha siyaasatiin, amantiidhaan, hawaasummaa fi leecalloo/sadarkaa dinagdee bu'uura godha-chuunii fi garagarummaa haala uumuun ulaagalee miseensumma qabaachuu hin qaban. Kana jechuun garuu waldaaleen oggeeyyi yookan waldaaleen kutaa hawaasa muraasni, fakkeenyaaaf waldaaleen dargaggotaa, dubartootaa yookan maanguddotaa miseensummaa addaa yookaan sadarkaa hirmannaa hin qabaatan jechuu miti.

Fakkeenyaaaf, waldaa dubartoota keessatti dhiirrii sadarkaa miseensa deegara ta'uu yoo danda'anillee miseensa guutuu ta'uu dhiisuu danda'u. Kunis karumaa walfakkaatuun waldaalee qaama miidhamtoota, dargaggotaa fi maanguddoot-aaf yookan waldaalee oggeeyyiifis kan hojjatuudha. Waldaaleen akka kana faayidaa miseensotaa isaanii yookan kutaa hawaasa muraasaa kaayyoo eegsisuu hidhachuun/qabaachuudhaan kan hundaa'ee waan ta'eef ulaagaleen miseensummaa isaanii kaayyoo hundaa'eef faana kan adeemuu ta'uu qaba.

Sadaffarratti jaarmiyaaleen siivilii hawaasa jaarmiyaa bu'aadhaaf hin hundeef-amnee ta'uu isaati. Kana jechuun garuu jaarmiyaaleen siivilii hawaasa kaayyoo isaanii galmaan gahuuf hojjii galii maddisiisurratti yookan hojjii daldalaa keessatti hin hirmaatan jechuu miti. Bu'aan jaarmiyichii argatuu bu'aa miseensotaa giddutti hin hirmaatamnee fi galiichi sochii hojjii jaarmiyichaa yookaan baasii bulchiinsatiif qofa kan ooluu hamma ta'eetti, seerri jaarmiyaaleen siivilii hawaasa go-chawwan seera qabeessa ta'anii galii argamsiisan kamirrattuu akka hirmaatan ni heyyama. Daldallii jaarmiyichaan godhamuu galmee herregaa mataa isaa danda'ee kan qabu yoo ta'u, seera daldalaa fi gibiraabekamtii seerumma qabu-un hammatamee ni bitama.

Afraffaarratti bulchiinsii keessoo jaarmiyaalee siivilii hawaasa qajeelfamoota dimokiraasiirratti kan hundeefaman ta'uu qabu. Miseensooni dhimma murteesso jaarmiyichaa ilaalatuu kamirrattuu bu'urummaa sirna walgahii danbii ittin bulmaata irra jiruutiin dhimmicharratti mirga mari'achuu ni qabu. Adeemsa murti-irratis tokko tokkon miseensa sagalee walqixaa kan qaban yoo ta'u, danbii ittin bulmaata irratti labsiin kana faalleesuu kaminiyyuu raawwii kan hin qabaan-needha. Miseensotnii jaarmiyaalee siivilii hawaasa, iddo bulchiinsa (boordii, yaa'iil walii galaati fi iddoowan biroo kan koreewwanii dabalatee) filachuuf akkasumas mirga filatamuu qabu. Miseensotni gabaasa odiitii jaarmiyichaa, qaboo yaa'i,, gabaasota hojjii fi herregaa akkasumas karoora hojjii dabalatee dabalaan sanadoota barbaachisan argachuu fi mirgaa murtii odeeffannoo bu'uura godhate gochuu/kennuu qabu. Karaa biraan jaarmiyaalee siivilii hawaasa keessatti adeemsi murtiin itti laatamuu kan iftoominni fi itti gaafatamumman itti lafa qabatee akkasumas hirmaachisa ta'uu qaba. Jaarmiyaaleen siivilii hawaasa qajeelfamoota asiin olitti ilaalee danbii ittin bulmaata keessatti qabaachuu fi qajeelfamootas tumsuu qabu.

## 4.2 Adeemsa Galmee

Labsichaan akkasumas bu'uura hojji-maata ejensii jaarmiyaalee siivilii hawaasati-in adeemsi galmee jaarmiyaalee siivilii hawaasa sadarkaalee sadii kan qabuudha. Kunis sadarkaa jalqabaa, sadarkaa sanadoota walitti qabuu fi sadarkaa galmee yookan sadarkaa mirkaaneesuu fa'adha. Kana waliin walqabatee beekamuu kan qabu adeemsi galmee kun, warra galmee tokko malee akka jaarmiyaalee siivilii hawaasatti socho'uu danda'an kan akka koree tola ooltuu irratti hin hojeetu. Dabalataanis akkuma gaafii gal mee dhiyaateen jaarmiyaaleen siivilii hawaasa akkaata akaakuu isaanii irratti hundaa'uun haalii galmee isaanii adda baha. -(jaarmiya biyyaa keessa fi alaa yookan waldaalee/boordiin kan geggeefamaan/ kan itti fufiinsa/kan imaanaa/ gamtaalee), tokko tokkon isaanirratti sadarkaan gochaa yookaan hoojjiin galmeef godhamuu garagarummaa qabaachuu danda'a.

Jalqabaa sadarkaa jalqabarratti namni dhuunfaa tokko, jaarmiyaan yookan namootni dhuunfaa kaayyoo walfakkaatu qaban yookan jaarmiyadeen dhuunfaad-haan/waliin bu'uura seera Itoophiyaatiin jaarmiyaalee siivilii hawaasa hundees-suuf yoo murteesan yookan jaarmiyaa biyya alaa duraan hundaa'e Itoophiyaatii galmeesuuf sadarkaa itti murteessan jechuudha. Hundeesitootni jaarmiyaalee siivilii hawaasa biyya keessa kaayyoo jaarmiyichaa addaa baasuu fi akkaataa ittin jaarmiyichii ijaaramu filachuu qabu. Hundeessitootni jaarmiyichaa hundees-suun dura hojji haalduree hojjachutu irra eegama, hojjilee kanneen keessayis: miseensotaa wa'a'ee waldichaa beeksisu (fakkeenyaaaf waldooleef yoo ta'u), miseensoota boordii ta'aan barbaadachu/qopheefachu (kunis warra boordiin kan geggeefamaanif), waldaalee shaarikaa ta'u danda.an qorachuu (fakkeenyaaaf gamtoolee). Hundeesitootni hojjiwwan haal-duree erga xumuraniin booda yaa'ii hundeesitoota yookan walgahii boordii gara waamuutti ni darbu.

Itti aanuun sadarkaa sanadaa walitti qaburatti, miseensotni hundeesitootaa qajeelfamoota labsiichaa fi ejensichaai irratii barbaachisaadha jedhamanii sana-dootaan tarreefaman hundaa galmeesse ejensichaaf dhiyeesuutu irra jira. Jaarmiyaan siivilii hawaasa galma'u akaakuu akkamii yoo ta'eliee, adeemsa galmee keessa jaarmiyaaleen darbaan hunduu yaa'ii walii gala hundeesitootaa yookan walgahii boordii hundeesitoota geggeessuu qabu. Adeemsa kana keessatti hundeesitootni yaa'ichaaf yookan walgahichaaf barreefamaa bu'uureffamaa mirkaana'u dhiyeessu qabu. Dabalataanis hundeessitootni qaboo yaa'ii walgahichaaf yookan yaa'icha galmeesuuf dirqaamaa kan qaban yoo ta'u, qaboon yaa'iichas maqaa, bakka hojjii, karoora hojjii, iddo man a hojjii olaanaa/mummee, tarree miseensotaa boordii, muudamaa daarektara, asxaa (yoo qabaatee) jaarmiyichaah ilaalchiisee murtoo darbee tarreedhaan qabaachuu qabu. Jaarmiyaaleen siivilii hawaasa araan olitti ilaalee barreefamaa bu'uureffamaa fi yaa'ii hundeesitoota yookan qaboo yaa'ii walgahichaaf fi danbii ittin bulmaataa yeroo iyataa waliin ejensichaaf dhiyeesanittii miseensotni boordii hundii fi daarektarri jaarmiyaalee siivilii hawaasa qaaman akka argaman yookan bakka bu'a karaa sirriin bakka bu'een akka dhiyaatu ni dirqiisiisa. Iyyanoon galmee tokko tokkon miseensa boordii fi suura daarektara fi kooppii waraaqa eenyummaa of keessa qabaachuu qaba. Sanadoota beekamoo ejensichii gaafatuu irratii dabalataan haala ijaarama jaarmiyichaarratti sanadnii dabalataa gaafatamuu jiraachuu danda'a. Itoophiyaa keessatti waldaaleen oggeeyyi jaarmiyaalee siivilii hawaasa ta'anii hundaa'uu barbaadan dandeetti/humna isaanii kan ibsaan ogumma yookan sanadaa barnoota dhiyeessu qabu. Karumaa walfakkaatuun gamtaaleen yookan hundeesitootni gamtaa gamtaalee jaarmiyaalee siivilii hawaasa tokko tokkon miseensa gamtichaa waraaqa ragaa galmeerratti ejensichaan isaanif kennamee dhiyefachuu qabu.

Dhumarratis sanadootni armaan oolitti ilaalee hunduu erga guutamanii ejensi-chaaf dhiyaatanii booda, ejensichii jaarmiyachaa iyyaate karaa seera qabuun ulaagallee jiran akka guutate mirkaanesuuf qoranna barbaachisuu ni godha. Qorannichiis jaarmiyaalee siivilii hawaasa biyya keessatiif guyyaa 30 jaarmiyaalee siivilii hawaasa biyya alaatiif immoo hangaa guyyaa 45 fudhachuu ni danda'a. Haaluma qorannichaa hordofeen galmeen jaarmiyaalee siivilii hawaasa heeyyamamuu yookan dhoorkamuu ni danda'a. Bu'uura keeyyata 57(3)tiin ejensichii yeroo armaan olitti tuqamee keessatti iyyataa dhiyaateef waraaqa raga kan gal mee yoo kennuu baate, abbaan dhimaa yookan iyyataan erga yeroon kenname dhumeen booda, guyyota jiran 30 keessatti boordii ejensichaaf muffii dhiyeeffachuu ni danda'a. Boordichiis muffii dhiyaatee qoratee guyyaa 60 keessatti murtii kenna. Iyyataan immoo murtii boordii irratti muffii yoo qabaate, erga murtiin boordii gahee guyyaa 30 keessatti mana murtii olaanaa federalaatiif oliyyanno galfachuu ni danda'a. Jaarmiyichii yeroo tokko erga galmaa'een booda qaama seerumma guutuu ni qabaata.

# **Boqonnaa 5**

# **Gosoota Jaarmiyaalee**

# **Siivilii Hawaasa**

---

## **Boqonnaa 5**

### **Gosoota Jaarmiyaalee Siivilii Hawaasa**

Gosoota waldoolee fi Jaarmiyaalee siivilii tola ooltumma hawaasa:

(Waldoolee, Jaarmiyaalee Boordiin qajeelfaman, jaarmiyaalee itti fufiinsan tola ooltuu, jaarmiyaalee tola ooltuu imaanaa, Koree tola ooltuu)

Akkuma yaadatamuu labsii kanaan duraa irratti jaarmiyaaleen haala galii isaanitiin, (jiraatotaa Itoophiyaa fi Jaarmiyaalee tola ooltummaa Itoophiyaa), haal kaayyoon/itti gaafatamummaa/kenniinsa faayiidaa isaanitiin (miseensotaaf moo qaama sadaffatiif), haala ijaaramattin (tola ooltotaa, waldoolee, , jaarmiyaalee itti fufiinsan tola ooltuu, jaarmiyaalee tola ooltuu imaanaa, Koree tola ooltuu ), fi biyyaa itti bu'urrefameen ( Jaarmiyoolee biyya alaa fi kan Itoophiyaa/ tola ooltotaa jiraatotaa) jechuun qoqqodamaa turani. Haa ta'u malee, labsiin haaran mirga gurmaa'u akka malee dangeesaa kan turan qoqqodiinsa jalqabaa lamaan hambiseera.

Qoqqodiinsii haala maddaa galiittin godhamee immoo jarmiyaalee mirgaa dhalaa namaa, walqixxummaa saalaa, qaama miidhamtoota, mirgaa daa'imanni, dimookrasii fi jaarmiyaalee waldhabbee/walitti bu'insaa hiikurratti hojjataan irratti mirgaa heera mootummaattin gurmaa'uuf qaban dhoorkaa mallaqaa irratti gochuun mirga isaanii kan cabsee ture. Dogongoraa qoqqodiinsa kan tola ooltotaa fi waldoolee gidduu turee jaarmiyaaleen miseensotaa fi hawaasaaf yookaan gar-tuu hawaasa muraasaaf, fakkeenyaaaf waldoolee oggeessota akka ibsitutti yoo fudhannee, gahee miseensonni isaanii hawaasaaf qabuu gabbisuufi, akkasumas karaa walfakkaatuun humna miseensotaa isaa ijaaruun tokkummaa isaanii rag-gaasisuu akka danda'u hubannoo keessa kan hin galchinee ture.

Kanaafuu, labsiin haaraan bu'uraa ijaaramatii fi biyyaa itti hundeffamaan irratti hundaa'u jaarmiyaalee akka armaan gadiitti qoqqodeera.

## **5.1 Jaarmiyoota biyyaa alaa fi kan biyya keessaa**

### **5.1.1 Jaarmiyoota biyya alaa**

Jaarmiyaalee biyyaa alaa jechuun kan biyyaa alatti hundeffamee fi Itoophiyyaa keessatti damee seeran galmaa'ee banatee socho'uun jechuudha. Labsiin haaraan jaarmiyaalee biyya alaa kan karaa faayinansiitii fi teeknikaatiin jaarmiyaalee biyyaa keessatti bu'ureeffaman yookaan jaarmiyaalee biroo gargaaruuf damee biyya keessatti banachuu barbaadan irratti dhoorkaa/ugguraa godhamatire hambiseera. Kana waan ta'eef jaarmiyaaleen biyya alaa kallattin projektii wayii raawwachisuuf ta'e, karaa teeknika yookan fayiinansiitiin jaarmiyaalee biyya keessa gargaaruuf yookan lamanuu raawwachuuf damee horachuu bili-summaa ni qabaatu. Akkasumas labsiin haaraan jaarmiyaaleen biyya keessatti bu'ureeffamaan humna horachuu jaarmiyaalee biyya alaa waliin akka hojjataan ni jajjabeesa. Karaa mirga dhala namarratti fi dimokraasiirratti akka hojjataan heeyyamameera. Haa ta'uun malee, dhaabbolee siyaasatiif kallatiin gargaarsa taasiisuu yookan dhiibaa irran geesisuu hin danda'an. Akkasumas filannoo biyyoleessaa hordofuu fi warrota paartii siyaasa filataniif barnoota lachuuf Boordii filannoo biyyoleessa irra heeyyama argachuu qabu.

### **5.1.2 Jaarmiyaalee biyya keessa**

Jaarmiyaalee biyya keessaa jechuun namoota lammii Itoophiyaa yookan lammii biyya ala ta'anii Itoophiyaa keessaa jiraatan lamaan yookan sana oliin Itoophiyaa keessatti jaarmiya hundeffamee jechuudha. Jaarmiyaaleen lammii biyya alaa ta'anii Itoophiyaa keessaa jiraataniin biyya keessatti hundeffamaan dhaabolee siyaasaarratti dhiibba gochuu kan hin dandaeenyeye yoo ta'anillee, waan seera qabeessa ta'ee tokko qaama bu,aaf hin taanee yookan qamaa seeran aangoo siyaasa qabachuuf kayyoo hin qabaane eenyumayyuu bobbfachuuun mirga dhimaa isaanii hordofuu guutuu qabu. Garummoo, labsiidhanis keeyyataa 62(5) irratti akka ibsameetti jaarmiyaaleen biyyaa alaa fi lammilee biyya alaa jiraattota Itoophiyaa ta'aniin jaarmiyaan Itoophiyaa keessatti hundeffame qaama seerumma kan biraan osoo hin heeyyamaminiiifi paartilee siyaasati waliin wali galuunis ta'ee, dhiibuun, dhiibaa irratti uumuu, barnoota warra paartii siyaasa filataniifi kennamuu fi hojjii filannoo taajabuu irratti hirmaachuus, hirmachiisuu hin danda'an.

Jaarmiyaaleen biyya keessaa dhaabbole amantaa, bu'uraa seera kan biraattin warrotaa hundeefamaan jechuunis kan akka, waldoolee daldalaa, manneen maa-rii daldalaa, garee waldalee, paartilee siyaasa akkasumas Affooshaa, Ikubii, san-batee fi kan kana fakkaataan waldoolee aadaa hin hammatu.

Jaarmiyaalee biyya keessa gosa gara garaa qabu. Isaanis bu'uura Labsii Keeyyata 18 tiin waldaalee, kan boordiin qajeelfamaan, tola ooltota itti fufiinsa, tola ooltota imaana fi koree tola ooltuu fa'a.

Waldoolee; jechuun garee miseensota lakkofsan shan yookan san ol ta'aniin jaarmiya hundeefamuu fi yaa'iin walii gala qaama murtii dhumaat itti laatuudha. Kan labsii duraa irra jiruun yoo wal biraa qabamu waldooleen mirgaa fi fed-hii miseensotaa isaanii jabeessuufi, hawaasa hundaaf yookan gartuu hawaasaa muraasaf (dubartoota, horsiisee bultootaa, qaama miidhamoota) yookan mi-seensotni kaayyoo faayidaa qabeessa jedhaan kamifiyyuu (kan akka sinbirroota dawwachuu yookan kitaabota dubbisuu) waldaalee hundeessuu ni danda'u.

Labsiin haaraan keeyyatni 2(1) Jaarmiyaalee siivilii hawaasaa yoo xinnatee fed-hii namoota lamaa fi sana oliin kan hundeeffamuu qaama miti-mootummaa kan ta'ee, bu'aaf kan hin hundeeffamne, siyaasarra bilisaa kan ta'ee jechuun yoo ib-suu, 'nama' kan jedhu immoo labsii keeyyata 2(17) nama jechuun eenyumayyuu ta'ee qaama namumaa uumamaan yookan seeraan kan qabu jechuun hiika itti laata. Waldoolees ta'ee jaarmiyaalee siivilii hawaasaa gosa gara garaa nammumaa uumamaan yookan karaa seerawan qabaniin yookan lamaninuu hundeefamuu ni danda'u. As irratti qabxiin hubatamuu qabuu waldooleen jaarmiyaalee miseensan gaggeefamuu ta'uu isaaniiti. Jechuun yaa'iin walii gala waldoolee qaama murtii olaanaa kennuu jechuudha. Haala ijaarama isaanittin waldooleen tokko tokkoo yaa'iil walii gala irratti dabalataan boordii, dura ta'aa/daayireektar fi hojjii raawwachiftuu qabu. Waldooleen biro immo bulchiinsa fi bareessaa qofatti ossoo hin qabaatiin koree hojjii rawwachiiftuu pirezidantiin/bulchaan, itti aanaa pirezidanti/ itti aanaa bulchaq, barreessaa, qabduu mallaqaa fi itti gaafatamaa fayiinansiit kan geggeefamaan ta'u ni malu. Inni lammataa bal'inaan kan baratame dargaagotaan, dubartootanii fi waldaalee ogummaatiin yoo ta'uu baay'inaan jaarmiyaaleen siivilii hawaasa qajeelfama jalqabaa hordofu. Labsiin haaraan garuu haalli ijaaramaa jaarmiyaalee maal fakkaachuu akka qabuu wanta lafa kaayee hin qabu.

Haa ta'uu malee jaarmiyaaleen siivilii hawaasa danbii/seera ittin bulmataa isaanii irratti haala ittin ijaaraman akka ibsuu qaban ni caqasa.

Jaarmiyaalee boordiin geggeefamaan: jechuun jaarmiyaalee boordiin qaama dhuma/qaama olaanaa murtii xumuraa itti laatuu jechuudha. Lakkofsii isaanii lama fi sana ol ta'anii nammumaa uomamaa yookan nammumaa seera qaama qabuun hundeffamuu ni danda'a. Miseensotnii boordii kan jalqabaa sanadaa bu'uura irratti bu'uuresitootan ni moggafamuu. Barri hojjii miseensotaa boordii fi erga hundeefameen booda miseensotni boordii haalli ittin moggafamaan seera itti bulmaata jaarmiyichaatiin murtaa'a. Boordiin miseensotaa 5- 13 ta'an ni qabataa. Namootni qaama hoogansaa jaarmiyichaa waliin firooma dhiiga yookan firooma gaa'ela qaban miseensa boordii ta'uun hin danda'an. Jaarmiyichii itti gaafatamaa itti waamamnii isaa boordiif ta'ee fi hojjatoota jaarmiyichaa barbaachisaa ta'an ni qabaata. Ijaaramni kun bal'inaan kan baratame maltoota hayyufaaftin yeroo ta'u akkasumaas jarmiyaaleen sivilii hawaasa xiyyefanaan hojjii isaanii miseensoota irraa hojjii qoraannaa kan ta'eenis baayee baratama dha. Ijaarama kana ilaalchiisee ibsii bal'an seera ittin bulmaata jaarmiyichaan murtaa'a.

Jaarmiyaalee tola oltuu itti fufiinsa: jechuun haala adda ta'ee tokkon qabeenyii yookan qarshiin karaa kenaan, dhaamsaan/ wassiyaaan laatame, yookan ajaja ejensiitiin haala itti fufiinsa qabuunii fi hin deebineen qabeenya/qarshii laata-mee/bahee kaayyoo tola oltummaa ibsameef qofa jaarmiyyaa oolchu jechuudha. Jaarmiyichiis boordii hojjii geggesituu, itti gaafatamaa, oditaara fi kutaalee barbaachisaan kan biros ni qabaata. Boordiinis yoo xinnatee miseensotaa 3 qabaachuu qaba. Ijaaramaa kana keessattis boordiin qaama dhuma/olaanaa murtii xumuraa kennuudha.

Jaarmyaalee tola ooltu imaana: jechuun bu'uura jaarmiyichii itti hundeefameen qabeenyaa adda ta'ee tokko kaayyoo tola oltummaa qofaaf akka ooluuf garee abbootii imaana miseensotaa 3-5 gahaniin jaarmiyaalee bulaniidha.

Akkuma jaarmiyaalee tola oltumma itti fufiinsa jarmiyaan kun kennaadhaan, dhaamsaan/ wassiyaaan yookan murtii qaama mootummaa beekamtii seera qabuun hundeffamuu ni danda'a. Haa ta'u malee jarmiyaa kana jaarmiyaalee tola oltumma itti fufiinsa irraa kan adda isa godhu boordiin yookan itti gaafatamaan bullurra abbootii imaanattin kan buluu ta'uun isaati. Inni bira immoo bu'uura labsii keeyyata 33(1) tiin yeroo murtaa'eef yookan yeroo hin murtaa'innif hundeffamuu danda'uunisaati.

Koree tola ooltumma: jechuun namootni lakkofsi isaanii shanii fi sana ol ta'an qarshii yookan qabeenyaa bira a kaayyoo tola ooltummatiif ummatarra sasabuuf/ funaanuuf gartuu yaada qabuudha. Gartuun kun fakkeenyaaaf balaa uumama fi balaa kan fakkaataniin namoota miidhaan irra gaheef qarshii walitti qabuuf hundeffamuu ni danda'a. Qarshin yookan qabeenyii walitti qabamees kaayyoo yaadame milkeessuuf kan oolu yoo ta'u, garmaalee baayee yoo ta'ee akka barbaachisumma isaatti gara jaarmiyaa tola ooltumma itti fufiinsatti jijjirama. Koreen kunis, pirezidaantii, qabduu mallaqaa fi oditaraa qabaachuu qaba. Koreen kunis ejensiin osoo hin mirkana'iin qarshiis ta'ee qabeenyaa walitti qabuus ta'ee gochawwan bira a kamiyyuu raawwachuu hin danda'u. Koreen kun qarshii walitti qabeef gabaasa ibsa herregaa ejensiif dhiyeesu qaba. Dirqaamotaa sosochii koree keessatii uumamuu fi idaa karaa walitti dhahuuttin yookaan qisaasaa uumaman irratti miseensotnii tokkummaanii fi dhuunfaan itti gaafatamumma ni fudhatu. Kana jechuunis miseensi tokko iddaa koreettif itti gaafatamumma fudhatee yoo kaffalee boodee miseensota koree kawwan gahee isaanii kaffalchisuu ni danda'a.

Gamtoolee fi gamtaa waldoolee: labsiin haaraan jijiiramoota bif ahaaran dhiyeesee keessa tokko haala gamtooleen ittin hundaa'anii fi aangoo isaaniti. Labsiin yeroo dura haalota gamtaan tokko ittin hundaa'u fi aangoo isaa irratti ittisa garagaraa kan kaa'ee ture. Akka ibsituutti kaasuuf jaarmiyaaleen tola ooltotni Itoophiyaa/biyyaa keessa jaarmiyaalee biyya ala waliin yookan jiraattota biyya ala waliin tokkumma uummachuu hin danda'an ture. Tola ooltotnis gamtoolee waliin tokkummaa uumuu hin danda'an ture.

Dabalataanis baasiin gamtooleef godhamuu akka baasii geggeesummaatti baheetti fudhatamaa ture. Kunis sosochiiin gamtoolee yeroo dheereaf akka danqamuu godheera. Tokkummaan gamtoolees akkamitti akka hundeffamuu labsiin kun haala ifa ta'een wanti kaayee hin jiru. Kunis tokkummaa gamtoolee hundees-suun akka hin danda'amne godhe ture.

Labsiin haaraan kun hudhalee kanaa fi kan kana fakkaataan danqaawwan gara garaa hambisuun jijiiramota gaggaarii fideera. Qoqqoodinsaa maddaa galii bu'uureffachuun godhamee (jaarmiyaalee Itoophiyaa fi jiraattotaa qoqqoodinsa jedhu) kaasuun danqaa gamtoolee ijaaruuf turee gochaan dhabamsiseera. Akkasumas jaarmiyaaleen biyyaa keessa jaarmiyaalee biyyaa ala waliin, jaarmiyaaleen biyyaa ala jaarmiyaalee biyyaa keessaa waliin danqaa/ittisa karaa maddaa galii ta'ee karaa aangoo tokko malee tokkummaa uumuu ni danda'u.

Karaa walfakkaatunis gamtooleen jaarmiyaalee boordiin geggeefamuu waliinis ta'ee jaarmiyaalee biro waliin tokkummaa uumuu ni danda'u.

Labsiin haaraan danqaa/ittisa aangoo gamtooleerra ture kaaseera. Akkasumas kaayyoo gamtoolees haala ifa ta'een kaa'eera. Kunis galma waliiniitiif milkaa'insa miseensotaaf qindeensuun akkasumas gargaaruun yaada, ragalee fi muuxx-anoo waljijiiruu, humna miseensota ijaaruu fi sosochii qabeenya walitti qabuuf godhaan deeggaru, hojjii sadarkaa ogummaa fi amala gaarii miseensota gud-disuu danda'uuj hojjachuu, miseensotaaf sagalee tokko ta'uun mirgaa fi faayidaa waloo kabachiisuu fi miseensotaaf haalli hojjii akka uumamuu falmuu, misseen-sotnis gartuu hojjii itti bobba'aan keessatti qorannoo fi qo'anna akkasumas falmii imaamataa fi hojjii deeggarsa akka godhan kan jedhuudha.

Kun akkuma jiruutti ta'ee, gamtaan kamiyyuu hojjii jaarmiyaan miseensa itti ta'ee hojjatuu hojjachuu jaarmiyaa miseensa itti ta'ee waliin dorgommii keessa seen-uu hin danda'u. Ta'uus bu'uura labsii keeyyata 56(3) gamtooleen qabeenya walitti qabachuun karaa miseensotata isaanii hojjiiwwan pirojekti hojjachuu ni danda'u. Haa ta'uu malee pirojeektotaa karaa kallatiin hojjachuu hin danda'an.

Miseensotnii garee gamtoolee gartuu hojjii itti bobba'aan irratti qoranna fi qo'anna akkasumas falmii imaamataa fi hojjii gargaarsa raawwachuu danda'u jedhee labsii caqasuu irratti xiyyeffanna addaa gochuun barbaachisaadha. Karaa kanaan muuxannoon gamtooleen hirmannaa imaamataa fi dandeettin misseenotnii qoranaa tasiisurratti qaban gahee olaanaa taphatu. Gamtooleen mootummaa waan gorsanii fi hojjii falmii waan hojjataniif dhaabolee muraasa ka akka fayyaa, barnootaa, mirgaa dhala nama, dhimma qonnaan bultoota fi kan kana fakkaataan deeggaru irratti gahee guddaa qabaatu.

Dhumarrattis labsiin haaraan karaa ifa ta'een gamtooleen tokkummaa isaani uu machuu akka danda'an ni caqasa. Kunis tokkummaa gamtoolee jedhama. Sadarkaa gara garaarrattis hundeffamuu ni danda'a. Jechuunis karaa ji'oograafitiin (sadarkaa naannootti yookan federalaatti) yookan kaayyoorratti hundaa'uu hundeffamuu ni danda'a. Mannii maree jaarmiyaalees tokkummaa gamtooleetiif qaama olaanaadha. Mannii mare kunis jaarmiyaaleen ga'umsaa itti of bulchaan akka horatan gochuu fi gartichii qaama mootumma fi qaama gahee qoodattotaa biro waliin walitti dhufeyna godhu akka bakka bu'uufitti labsiidhaan hundaa'eera.

### **Yaadadhaa:**

tola ooltotnii hunduu jechuunis koree tola ooltuttin ala sochii kamiyyuu tasiisuuf galma'uu qabu.

# **Boqonnaa 6**

# **Dhimmoota hojjii**

# **labsii haarawwa**

# **keessatti hammatamaan**

---

## **Boqonnaa 6**

### **Dhimmoota hojjii labsii haarawwa keessatti hammatamaan**

#### **6.1 Bilisummaa hojjii**

Labsii haarawwarratti mirgoota bu'uura eegaman keessa bilisummaan hojjii isa tokkodha. Kunis, jaarmiyaaleen siivilii hawaasaa kaayyoo isaanii filachuu fi so-choosuuf bilisumma qabu. Jaarmiyaaleen siivilii hawaasa dhimmotaa siyaasaa, diinagdee, hawaasummaa fi aadaa akkasumas dhimmoota imaamataa hawaas-aa waliin walqabataan hundaarratti hojjachuu ni danda'u. Haaluma kanaanis labsii keeyyata 62(1) tiin jaarmiyaaleen kamiyyuu kaayyoo seerummaan hun-deefameef galmaan gahuuf hojjii seerumma qabu kamirrattu bobba'uuf mirga guutuu akka qabu ni caqasa. Labsii kanarrattis bilisummaan hojjii haala guutuu ta'een kan kennamuudha. Kunis heera mootummaa federaala fi waligalteewwan mirgaa dhala nama adunyaa waliin kan adeemuudha. Kunis akkuma jiruutti ta'ee jaarmiyaaleen siivilii hawaasa kaayyoo ardiilee, kutaa ardiilee, biyyaaleessaa yookan naannoo qabatanii socho'uun ni danda'a. Labsii keeyyata 62(4) irratti karaa ifa ta'ee akkuma ibsameetti hojjivwaan jaarmiyaaleen rawwataaniin walqa-batee yookan walitti hidhataa qabuu hojjirra oolchuuf seerotni, imaamattonnii, hoji-maatotnii gara garaa akka jijiiraman, fooya'aan yookan seerotni fi imaamat-tonni haaraan akka bahuu yaada dhiyesuu ni danda'u.

Jaarmiyaalee siivilii hawaasaa waa'ee seera mootummaa yookan imaamata ir-ratti qeequu akka dhiyeesaan yookan mirgi dhala nama fi mirgi bu'uura akka ee-gamuu fi akka cimuu falmuu fi deegaruu akka danda'an heeyyameera. Kanaafis heeyama seera walii gala kanaaf haali addaa muraasni irra kayamaniru.

Kanneen keessa kan jalqabaa gochaawan/taateewwan seer-malee ta'an ir-ratti hirmaachuu hin danda'an. Isaanis seera ittin bulmaata jaarmiyaaleerratti kaayyoo tuqameen ala, kanneen seera birootiin dhoorkamaan yookan sosochiwwan akka yakkaatti lakkawwaman irraa of quusachuu qabu.

Lammaffaa, jaarmiyaaleen biyya ala yookan lammillee biyya alattin Itoophiyaa keessatti hundaa'an seerota biroon kan heeyyamameef yoo ta'een ala barnoota warra filatuuf kennuurratti, taajabbii filannoo fi sosobbii/gocha dhiibbaa uumuu paartilee siyasarratti hirmaachuu hin danda'an.

Sadaffaarratti, faayidaa hawaasaa walii galatiif yookan qaama sadaffaaf jaarmiyaaleen kanneen dubbartootaa, daa'immanii, qaama miidhamtootaa, manguddootaa fi fedhii qaama hawaasa biroo kanneen haala gara garaan saax-ilamoo ta'an gidduu galeessa godhachuun hojjachuun qabu.

Sadarkaa afrappaarratti, jaarmiyaaleen sochiin isaan godhaan seerotaa biroon heeyyamaa addaa gaafachuu fi kan hin gaafachiifnee ta'uun mirkanneeffachuu qabu.

Haala addaa: Gochawwaan heeyyamni itti hin kennamne keessa gochaawan armaan gadi kuniin kan dhorkamaan ta'uun isaani hubadha:

- Gochaawan seer-malee ta'an
- Gochaawwaan heeyyama malee jaarmiyaan godhuu kanneen akka barnoota filatoota fi sosobbii paartii siyasa waan akkassi heeyyama malee gochuun dhorkaa dha
- Kutaa hawaasaa saaxilamoo fi kan cinaatti dhiibaman hammachuu dhiisuu/ala oolchuu
- Seerotaa biroon heeyyamaa addaa hojjii gaafatan irratti hirmaachuu

## **6.2 Mirgaa qabeenyaa horachuu, Fudhachuu fi Itti Fayyadamuu**

Jaarmiyaalee siivilii hawaasaa lubbuun jiraachuu fi kaayyoo isaanii rawwachisuuf qabeenyaa isaan barbaachisa. Kanaafis mirgi qabeenyaa horachuu mirgoota bu'uura kan gurmaad'uun keessa tokkodha. Kanaafuu jaarmiyaaleen siivilii hawaasa madda seera qabeessa irra mirgaa qabeenyaa fudhachuu fi itti fayyadamuu ni qabaatu. Mirgi kunis mirgoota armaa gadii ofkeessa ni qabaata:

- Qabeenyaa fayiinansii ( kennawan, gargaarsa, fandoota karaa deegarsa dhuunfaan godhamaan, kafaltii miseensotaa, kanneen ummatarra walitti qabamuu, sochii galii walitti qabu irra argamu)
- Kennawan bifa goсаan taasiifamu ( meeshaalee, tajaajilaa fi kenna qabeenyaa gara garaan keennamu)
- Meeshalee adda addaa ( meeshaalee biiroo, meeshalee ayiitii (IT))
- Humna nama ( hojjatootaa)
- Deeggarsa adunyaa walii gala argachuu (Obbolummaa)
- Carroota gara garaa ( leenjiwwan, walgahiiwwan falmii, gammoowwan shariikaa)

Labsiin paariis inni bu'aa qabeessummaa gargaarsa raggaasisee (2005) fi Ajandaan gochaa biyya Akraa (2008) mootummotnii fi arjootni gummachii jaarmiyaaleen siivilii hawaasa misoomaarratti taasiisaan akka guddatuuf haalota dandeesisaan kanneen akka gargaarsa fayiinansii gochuu akka qaban ni labsa. Qaamni mirgoota Waadaa idil-adunyaa mirgoota sivillii fi siyaasa keessatti mirgoota jiran irratti hiikaa dirqii akka kennuuf aangoon kennameef yaa'iin waliigalaan mootummoota gamtoomanii kan mirgaa dhala nama taateewan kanneen jaarmiyaalee siivilii hawaasa mirga qabeenyaa argachuu dhowwan ka'anii carraa qabeenyaa horachuu akka qabaatanif hiikawwan, labsiwwan, murtiileenii fi gabaasoota inni keennuun deegarsafi hiikaa keennera. Karumaa walfakkaatuun koomishiiniin mirgaa namummaa fi mirgaa ummata kan Afrikaa kaayyoo arjoomina/kaayyoo gurmainsa bu'aa malleessa haala kabajeen qajeelfamoota mirgaa wal gahuu fi gurmaa'u, mirgaa gurmaa'anii qabeenyaa walitti qabuu, walharkaa fuudhuu fi itti faayadamuu akka danda'an seera beekamtii kennuukkaka labsamuu mootumotaaf waamicha godhera.

Kana waliinis walqabatee labsiin haaraan jaarmiyaalee siivilii hawaasaa madda galii seerawwa ta'ee kamirraayyuu galii akka argatanii fi isaas akka eegsiisuuf beekamtii ni laata. Labsiin keeyyata 61(4) akkuma ibsutti jaarmiyaaleen siivilii hawaasaa mirga abbaa qabeenyummaa qabeenyaa socho'aatii fi hin sochoonee ta'uu, qabeenyaa isaanii bulchuu fi dabarsuu ni qabaatu; akkasumas kaayyoo isaanii raawwachisuuf qaama seera qabeessummaa qabu kamiyyuu irra fandii fudhachuu fi itti faayadamuuuf mirgaa qabu.

Dabalataniis labsiin haaraan daldalaa seera qabeessa ta'e kamiyyuu fi Investimeentii irratti akkasumas hojjii galii walitti qaburratti akka hirmaatu ni heeyyama.

**Jaarmiyaaleen siivilii hawaasa, jaarmiyaalee daldalaa huundeesuu, jarmiyaa daldalaa jiruu irra qooda/sheerii argaachuu, galii walitti qabuu fi arjoota akkasumas namoota dhuunfaa fi jaarmiyaalee dhuunfaarra kennaa fi arjummaa gaafachuu ni danda'u.**

Labsiin akkumaa mirga qabeenyaa argachuu heeyyamu, jaarmiyaalee siivilii hawaasatiif itti gaafatamummaa isaanii kan ittin mirkaannesaan ofeegannoos kaa'era. Kanaafis labsiin namootni jaarmiyaalee waliin walitti hidhataa qaban kamiyyuu karaa kallatiinis ta'ee karaa alkallatiin jaarmiyaalee siivilii hawaasa faayidaa dhuunfaatiif akka hin dhiyeesinee ni dhorka.

Labsiin keeyyata 62(11) sadarkaa qajeelfamaatti akkuma kaa'etti qaamoleen jaarmiyichaa kamiyyuu jechuunis miseensotni, hoggantotni fi hojjatootni yeroo hojjii isaanii hojjataniitti faayidaa jaarmiyicha dursuu fi faayidaa mataa isaanii waliin akka walitti hin buuneef ofeegannoo ta'uu taasisuuf itti gaafatamumma qabuu jedha. Labsiin akkuma karaa ifa ta'een kaa'etti galii fi qabeenyii jaarmiyaalee namoota dhuunfaaf akka hin kafalamnee kaa'era.

Bu'uura labsii keeyyataa 60(1d) tiin akkuma danbii ittin bulmaata jaarmiyaalee siivilii hawaasa keessatti tuqameetti "galii fi qabeenyii jaarmiyichaa miseensotaaf akkasumas hojjatootaf tajaajilaa kafaltii seeran heeyyamameefin ala hiramuu kan hin dandeenyee" ta'uu labsa. Dabalataaniis labsiin kun jaarmiyaalee siivilii hawaasaa danbii ittin bulmaata isaanii keessatti miseensotnis ta'ee hojjatootni jaarmayichaa hojjatoota yookaan miseensaa ta'uu isaanittin qofa qabeenyaa jaarmiyicharratti mirgaa kamiyyuu akka hin qabaannee ifan ifatti akka kahu qaban ni labsa.

### **6.3 Sirna to'anno keessoo fayiinansii**

Sirni to'anno keessoo fayiinansii jiraachuun haala fandiin ittin qabamu to'achuun qabeenyi jaarmiyaalee siivilii hawaasa akka eegamu ni godha. Kanaanis arjootni fi qaamni dhimmii ilaaluu qabeenyi jaarmiyichaa ofeegannoon kaayyoo dhaabateef oolu isaa mirkanneesuun tokkummaa fi milkaa'ina isa ni mirkanneesa.

- Jaarmiyaaleen siivilii hawaasa gamtaa miseensotaaf yoo ta'ee malee, bu'aa miseensotaaf qooduu kaayyoo godhate hin hundefamu.
- Daldala fi investimeentiirra bu'aan sasabamuu miseensotaaf hin dabarfamuu.
- Galiiwwanii fi qabeenyii sosochii galiiwwan argamsiisuu irra argamaan faayidaa hojjatoota jaarmiyichaaf hin dabarfamuu.
- Meeshaleen qabeenyaa dhabamsiisurra hafaan faayidaa miseensotatiif yookan gochawwan kaayyoo jaarmiyichaatiin ala ta'aniif hin oolu.
- Jaarmiyichii yoo diigamutti qabeenyichi jaarmiyaa isa fakkaatu kan biraaf yookan mootummaaf kennama.
- Walitti bu'iinsi faayidaa akka hin uumamneef tarkanfiin barbaachisu fudhata-muu qaba.

## **6.4 Bulchiinsa jaarmiyaalee siivilii hawaasa**

Jaarmiyaan siivilii hawaasaa tokko faayidaa hawaasichaa mirkaanessuuf sirna to'annoo keessoo yoo qabaate hojjii bulchiinsa gaarii raawwachaa jira jechuudha. Labsiin jaarmiyaalee siivilii hawaasas haalota dirqiisioso tokko tokko ka'uun jaarmiyaaleen haalaa ijaaramaa fi bulchiinsa mataa isaani akka murteesan mirgaa kenneeraf. Kanaafuu jaarmiyaalee siivilii hawaasaa hoj-maata keessoo isaanii, ijaarama, dambii dura butoota isaanii ittin filatan, maloota keessoo isaanii kan itti gaafatamummaa akkasumas fedhiwwan biroo ittin kan murteesan geggesitoota keessoo isaanii filachuuf bilisumma qabu. Qaamolee jaarmiyotaa siivilii hawaasa keessa qaamni yaa'ii walii gala yeroo kamiyyuu qaama murtii kennuu yoo ta'uun murtoon inni kennuu fi kallatiin inni kaahus kan qaamni jaarmayichaa bira kennuu caalaa fudhatamaadha. Murtii hunduumafuu yaa'ii walii gala waamuun waan hin danda'amneef jaarmiyichii boordii giddu galeesssa yookan koree hojjii raawwachiftuu hundeessuun hojjii waldiichii/jarmayichii guyyuma guyyaan rawwatuu akka hordofuu gochuun ni danda'ama (keeyyata 19).

Karaa biroon immoo jaarmiyaaleen boordiin geggeefaman (kan miseensotaa boordii 5-13 qabu, boordiin qaama jaarmiyichaa murtii olaanaa kennuu fi itti fu-fiinsan geggesuu waan ta'eef (keeyyata 20)) ulaagallee keeyyataa 65 keessatti tuqamee xiyyefannaa keessa galchuun geggesitoota isaanii filachuu ni dan-da'u.

**Gartuu jaarmiyaalee siivilii hawaasaa keessatti bulchiinsii gaarii kan jedhamu “adeemsa murtii ifa ta’ee laachuu jechuunis qajeelfamoota jaarmiyaalee bu’af hin dhaabbatin bu’aa qabeessaa itti ta’anii fi karaa itti gaafatamummaa qabuun qabeenyaa bulchuu fi bu’uura dudhaalee hawaasatiin aangootti faayadamuu yoo danda’eedha.”**

Hata’u malee, qaamotnii jaarmiyaalee siivilii hawaasa hundeessan yookan mi-seensotni xiyyeenfannoo kan itti kennuu qaban ugurii/ittisni muraasni yookan qajeelfamootni ni jiru. Isaanis:-

- Miseensummaan jaarmiyaalee hawaasa fedhii dhuunfaarratti kan hundaa’ee ta’ee eenyumtuu ulaagallee jaarmiyichii ka’ee yoo guutee mirgaa miseensa ta’uu ni qabaata.
- Adeemsa murtii kennuurratti miseensi hundii sagalee walqixaa qaba.
- Hundeeffamni jaarmiyichaatii fi qajeelfamnii keessoo isaanii qajeelfama dimokirasiitiin, loogii kam irrayyuu bilisa kan ta’ee fi kan of danda’ee ta’uu qaba.
- Miseensa boordii jaarmiyichaas ta’ee, koreen hojjii raawwachiftuu yeroo tokkoottti offisaraa yookan hojjataa jaarmiyichaa ta’uun qacaramuu hin danda’u.

## **6.5 Gabaasaa fi To’annoo**

### **6.5.1 Gosoota gabaasa fi yeroo itti dhiyaatu**

Jaarmiyaaleen siivilii hawaasa sochii mallaqaa fi raawwii hojjii isaanii kamiyyuu ejensichaa fi hawaasichaaf gabaasa akka dhiyeesan gaafachuun sirridha. Iftoominja armiyicha fi itti gaafatamummaa isaa mirkanneesuuf jaarmiyaaleen siivilii hawaasa sochii mallaqaa qaama mootummaa dhimmi ilaluuf, arjoom-tootaa fi fayyadamtotaaf gabaasa akka dhiyeesan gaafatamu ni danda’u. Dabalataanis jaarmiyaaleen gocha dinagdee irratti socho’aan kafaltii gibiraa isaan raawwataan akka galmeessan gaafachuun sirri dha. Kunis yoo ta’uu seerri warroota kafaltii gibiraa raawwataan kan bira irratti raawatamuunisaan kanarrattis ni raawwatama. Sadarkaan gabaasa jaarmiyaalee giddu-galeesaa fi gurguddaarra eegamuu tokko ta’uu dhiisuu ni danda’aa. Jaarmiyaaleen siivilii hawaasa gurguddaan qabeenyaa gaha qabaan yeroo gabaasa godhan ulaagallee gabaasaf barbaachisaan kan walii gala guutanii kan dhiyaatan yoo ta’uu; jaarmiyaaleen siivilii hawaasa giddu-galeessa ta’an garuu ulaagallee muraasarra bilisa godha-muu ni danda’u. Sirni seera kan amma jiru, jaarmiyaaleen siivilii hawaasa itti gaafatamummaa fi iftoominaa isaanii akka cimsataan ni jajjabeessa.

Bu'uura labsii keeyyata 71 jaarmiyaaleen hundii sosochii maallaqaa isaanii kan agarsiisuu hoj-maata herregaa fudhatamaa qabu galme herregaa qophaa'ee dhiyeesuuf dirqamaa qabu. Haa ta'u malee jaarmiyaaleen baajata waggaagiddu-galeessa qaban kan baajatni isaanii 200,000/kuma dhibbaa lama/hin caalee, ibsa herregaa jaarmiyichaan qophaa'ee galchuu ni danda'u. Dabalataanis hog-gantootni jaarmiyaalee yoo xinnatee waraabbii heregaa kan waggaashanii akka olkaa'an seerri ni dirqamsiisa. Gabaasa sosochii maallaqaarratti, bu'uura gaafii arjootan yookan qaama mootummaatiin, jaarmiyichaa wantoota dabalataa akka dhiyeessuu yookan oditaraa alatiin akka qoratamuuj ejensichii gochuu ni danda'a.

### **6.5.2 Gabaasa**

Jaarmiyaaleen siivilii hawaasa gabaasa raawwii hojjii kan waggaakka dhiyeessan seerri ni ajaja. (Keeyata 73). Gabaasichii fayyadamtotta fi hawaasichaaf bana ta'uu qaba. Jaarmiyaaleen siivilii hawaasa gabaasa waggaakkan dhiyeessuu barri baajata erga dhumeesi j'a sadii keessatti osoo hin dhiyeessin yoo hafe, ejensichii sirna bulchiinsas ta'ee mirgi ol iyyannoo mana murtii akkuma eegametti ta'ee beeksisaa barbaachisuu lachuun jarmayichii akka diigamu murteesuu ni danda'a. Ejensichiis jaarmiyichii guyyaa soddooma keessatti dhufee akka beeksisuu barruudhaan waamuu danda'a. Ta'uus jaarmiyichii yeroo kennameef keessatti dhiiyaachuu yoo dhiiseejensichii jaarmiyichii akka diigamu fi galmeearra akka haqamuu murteessu danda'a. Kunis jaarmiyaalee hojjii hojjechaa hin jirree galmeearra jaarmiyaalee siivilii hawaasa keessa haquuf faayidaa qaba.

**Ejensichii sababa gaha yoo qabaate, jaarmiyaalee siivilii hawaasatiif akeekachisaa barbaachisa kenuun yeroo hojjii iddileetti mirgaa kitaaba jaarmiyichaa, galmeherregaa, sanadootaa fi raawwii hojjii jarmayichaa qorachuu ni qaba. Ejensichii qorannaakka kana kan raawwatuu sa'atii hojjii idilee jarmiyaalee siviili Ha-waasaa guyya guyyaan taasisuurratti miidha haala hin qaqqabsiisnetti ta'uu qaba.**

## **6.6 Tarkanfiiwwan Abboomamtummaa**

Aangowwan ejensichii qabuu keessa tokko jaarmiyaaleen siivilii hawaasa hojjii isaanii karaa seera qabeesaan hojjachuu isaaniitiif hordoffii fi to'annaa barbaachisuu gochuudha. Ejensichii eeruu ummatarra, qaama arjootarra yookan qaama mootummaarra argatuun yookan qoranna gabaasa jaarmiyichaa ofii isaatiif tasiiserra ka'uun jaarmiyaalee siivilii hawaasarratti qoranna jalqabuu ni danda'a. Ejensichiis bu'aa qoranna bu'uura godhachuun tarkanfiwwaan gara garaa fudhachuun ni danda'a. Tarkanfichiis yaada gorsa dhiyeesuu, ceephuu, fi jaarmiyichaa uggru yookan diiguu ta'uu danda'a. Walumaa galatti, seerrichii dirqamaa fi itti gaafatamummaa jaarmiyaalee siivilii hawaasa mirkaneessuuf ulaagallee gara garaa kaa'a. Isaanis:

- Dirqamaa jijiiramaa jiruu beeksisuu
- Dirqamaa waraaqqa raga kan galmee fulletti olka'u
- Dirqamaa jiraachuu isa mirkaaneessuu/yero gaafatamutti/
- Dirqamaa galmee herregaa qabaachuu
- Dirqamaa ibsa herregaa waggaa galchuu
- Dirqamaa gabaasa raawwii hojjii waggaa ejensichaaf dhiyeesuu
- Dirqamaa gabaasa waggaa kutaa herregaatiif galchuu
- Dirqamaa herregaa baankii baasuu fi jijiirama herregaa baankii yookan mallatto beeksisuu
- Jaarmiyaaleen siivilii kamiyyuu herregaa baankii banuuf jalqabaa heeyyamaa ejensichaarra argachuu qabu.

Angoon to'annaa ejensicha akkuma jirutti ta'ee, qixumasatiin mirgi dhugaan dhageefatamuu fi mirgi dhimma offii gara mana murtittii geefachuu jaarmiyaalee siivilii hawaasa seeraan kan eegamee dha. (keeyyata 77, 78 fi 79)

## **6.7 Walitti makamuu, gargar qoodamuu fi Jijiiramuu**

Jaarmiyaaleen siivilii hawaasa sababa gara garaatiin walitti makamuu yookan gargar qoodamuu yookan immo gara ijaaramaa birootti jijiiramuu ni danda'u. Walitti makuun jaarmiyaalee siivilii hawaasa lama yookan sana olii walitti dabaluu yoo ta'u qabeenyii fi dirqamni irra jiru garaa jaarmiyichaa haara walitti makamuun uumameetti kan darbu ni ta'a.

Karaa biraan yoo ibsamuu immo, jaarmiyaaleen siivilii hawaasa lama yeroo walitti makamanitti jaarmiyaalee laman jiran keessa tokko isa dura jiru sanatti akkuma jiruun itti makamaa yookan jarmiyaan sivilii hawaasa tokko yookan sana ol kan ta'an walitti dhufuun jaarmiyaa siivilii hawaasa haraa huundeessun qabeenya fi hojjii qaban idaa duraa turee ture dabalatee gara jaarmiyichaa haaratti dabarsuu jaarmiyaa haraa huundeesan sanatti makamu.

Jaarmiyaalen siivilii hawaasa jarmiyyaa qaama seerumma of danda'ee qabu fi jarmiyyaa qodamerra hojjii walfakaatu yookaan adda ta'ee qaama hojjeechuu danda'uu ta'uun bakka lamatti yookan sana oliitti qoodamuu ni danda'u. Jaarmiyaan haaranis hojjiwwan jaarmiyaa dura hojjachuu ni danda'u. Jaarmiyaaleen siivilii hawaasa gargar qoodamanis hojjii jaarmiyichaa durarra addaa ta'e hojjachuu qofa osoo hin taane, ijaaramaa addaa ta'eес qabaachuu ni danda'u. Fakkeenyaaaf jaarmiyaaleen miseensotarratti hundaa'an bakka lamatti yoo qoodaman tokko bu'uura miseensumma qabatee kan itti fufuu yoo ta'uun inni kun immo jaarmiyaa siivilii hawaasa boordiin qajeelfamuu ta'u danda'a. Karumaa walfakaatuun jaarmiyaaleen siivilii hawaasa boordiin qajeelfamu ta'ee kan hundaa'e gara jaarmiyaa siivilii hawaasa bu'uura miseensa irratti hundaa'etti jijjiramu ni danda'a. Kana hundaa keessattuu dagatamuu kan hin qabnee mirgi fi dirqam-nii jaarmiyaa dura gara jaarmiyichaa qoodametti yookan gara ijaarama biratti jechuunis gara jaarmiyaa jijjirameetti kan darbuu ta'a.

Seerrichii haaran jaarmiyaalee siivilii hawaasa jaarmiyaalen walitti makamuu, gargar qoodamuu fi gara ijaarama siivilii hawaasa haaratti jijjiramu heeyyameera. Murtiilleen kanafafakkaatan hoggantoota olaanaa jaarmiyaalee siivilii hawaasatiin dhiibbaa fi giduu galiiinsa qaama bira tokko malee dhiibaa mootummas dabalatee bilisaan godhamuu qaba.

**Yoo seerricharratti ifaan ka'amuu baatellee, jaarmiyaaleen siivilii hawaasa jaarmiyaa daldala uumuuf walitti makamuu, gargar qoodamuu fi ofjijiruu hin danda'an.**

## **6.8 Tarkanfii bulchiinsa**

Kutaa shanaffaan labsiichaa karaa jaarmiyaaleen siivilii hawaasa ittin lafa qabaatan mul'isa. Mootummaan ummata burjajjiirra fi mirgi isaa akka hin cabnee tiksuum tarkanfiwwaan garagaraa fudhachuu qaba. Akkumaa itti aansinee ilaaluuf jirutti seerichii jaarmiyaalee siivilii hawaasa tokko tokkon yookan waliin itti gaafatamumma fi iftoomina isaani akka cimsataniif ni jajjabeesa.

Ejensichiis jaarmiyaalee siivilii hawasaa labsii waldaalee siivilii yookan seero-ta/danbillee mataa isaani cabsanirratti tarkanfiwwan bulchiinsa fudhachuu ni danda'a. Seera cabsunis qabxillee armaan gadi qabaachuu danda'a: gabaa-sa wagga-dhiyeessuu dhiisuu yookan gabaasa tursiisuu, gabaasa sobaa dhiyeessuu, seerarratti jijiiramoota beekamu qaban beeksiisuu dhiisuu, maddoota galii seeran alaa ta'an irra maallaqaa fudhachuu yookan hojjii seeran ala irratti hirmaachuu waan ta'eef akkuma akaakkoo fi ulfating balleessa jaarmiyichaatti ejensichii yookan boordiin yookan immoo manni murtii tarkanfiwwan gosa garagaraa ni fudhata.

Tarkanfiwwan seericharratti tuqamaan adeemsan kan rawwatamaan waan ta'aniif ol iyyannoo itti gaafatamu ni danda'a. Kutaa kanarratis tarkanfiwwan gurguddoo haala ifa ta'een kaa'amaniif fi karaan ittin to'atamaanis bal'inaan kan iaalamuu ni ta'a.

### **6.8.1 Akekachisaa**

Seerrichii akekachisnii gosa lama akka jiru ni mul'isa. Isaanis akekachisa yaada gorsaatii fi akekachisaa cimaa jedhamu. Gochii jaarmiyichaa balleessa salphaa kan jedhamuu yoo ta'e fi gochichis tarkanfii sirreessu fudhachuun ni sirra'a jedhee ejensichii yoo amane yaada sirreessaa jaarmiyichii fudhachuu qaburratti yaada gorsa ni kennafi. Ejensichiis yaada gorsa barreefamaan dhiyesurratti seera dhab-dummaa raawwatame, sirreefama fudhatamu qabu fi sirreeffamichiis yeroo hammamii keessatti fudhatamu akka qabu ibsuu qaba (keeyyata 78(1)). Jaarmiyichiis yaada gorsa kennameef hojjirra olchuu yoo dhiisee yookan balleessan raawwate ulfataa kan jedhamu yoo ta'e ejensichii jaarmiyichaaf akekachisaa cimaa/dhuma ni kenna (keeyyata 78(2)). Walumaa galatti ejensichii jaarmiyaalee siivilii hawaasa seera yookan danbii ittin bulmaataa irra daddarbuu isaani yoo raggaasisee yaada sirreefamaa ajaju yookan akekachisaa cimaa barreefamaa kenu ni danda'a.

## **6.8.2 qoqqobbi/uggura**

Seerri haaran jaarmiyaalee siivilii hawaasa haalota jaarmiyaaleen ittin haareffaman, diigaman fi gal mee irra haqamaan dabalatee eenyuu diigamu akka danda'an illee ni kaa'a. Tarkanfii bulchiisa karaa seeratiin tumamee keessa tokko itti gaafatamaan ejensichaa jaarmiyichii seera cabsuu isaa yoo mirkaneeffatee sababa kananiis sochii jaarmiyichaa ugjurru barbaachisaa ta'ee yoo argame ajaja uggura kenuu ni danda'a. Kunis itti gaafatamichii balleessan jiru akka hin babal'anneef tarkanfii yeroof fudhachuu danda'uudha. Yeroo ugguraa kana keessatti jaarmayichii filannoo lama ni qabaata, filannooinn jalqabaa yaada gorsaa sirrefamaaf karaa ejensichaatiin kennamu fudhatee hojjirra oolchu yookan immo ol iyyannoo boordii ejensichatiif dhiyeesuudha. Haa ta'u malee filannoo lamaan keessa tokkollee raawwachuu dhiisuun jaarmiyichii gara tarkanfii itti aanutti akka darbuuf sababa ta'u ni danda'a. Innis diigamuu ta'a. Jaarmayichii ol iyyannoo boordiif dhiyeesee murtii boordiirratti muffii yoo qabaate ol iyyannoo itti aanu mana murtii olaana federaalatiif dhiyeesuu ni danda'a.

## **6.8.3 Diigamuu fi gal mee irra haqamu**

Jaarmiyaaleen siivilii hawaasa sababii gara garaatiin diigamu yookan hojjii isaanii dhaabu ni danda'u. Kanneen kessayyis: hir'innaa fandii/qarshii, kaayyoo hundeef-fameeffi galmaan ga'uu dhabutiin, yeroon jaarmayichii dhaabateef xumuramuun, tarkanfii bulchiinsatiin yookan murtii manni murtii kenuun ta'uu danda'a. Seerri haaraan jaarmiyaalee siivilii hawaasaa sababoota bu'uura jaarmiyaan tokko ittin diigamuu yookan gal mee irra itti haqamu ni kaa'a. Seericharratis akku-ma kaa'ame jaarmiyaaleen siivilii hawaasa fedhii isaanitiin yookan fedhii isaani malee diigamu ni danda'u. Seericharratis haala ifa ta'een akkuma mul'atu qa-amoleen jaarmiyaalee olaanaan (yaa'ii wali gala yookan boordii) jaarmiyaalee siivilii hawaasa akka diigaman murteessuu ni danda'u. Danbiin ittin bulmaata jaarmayichaatis sababoota fi sirna ka'umsa jaarmayichii ittin diigamu kaa'u ni danda'a. Waan ta'eefis yaa'iin walii gala, boordiin yookan qaamni aangoo qabu kan bira jaarmayichii akka diigamu murteessu ni danda'a. Jaarmiyaaleen siivilii hawaasa ejensichaan yookan murtii mana murtiitiin diigamu ni danda'u. Kunis filannoo tarkanfii dhuma fudhatamu qabudha. Jaarmayichii yaada qabxillee gorsa sirreffamaa ejensichii dhiyeesee fudhachuu heeyyamama ta'uu yoo baatee (keeyyata 78(4)) yookan waamamee argamuu/jiraachuu isaa mirkanneessu yoo dhiisee (keeyyata 70) boordiin ejensichaa jaarmayichii akka diigamu itti murteessuu ni danda'a. Dabalataanis jaarmayichii gochaa yakkaa cimaa yookan irra deddeebi'uun yakka salphaan yakkamaa ta'ee yoo argame manni murtii federa-la olaanaan jaarmiyaan siivilii hawaasa kun akka diigamu murteessu ni danda'a.

Walumaa galatti, diigamuun fedhii jaarmayichaan ala raawwatamuun filannoo dhuma yoo ta'u digamsiiakkana kan rawwatu jaarmayichii rakkolee dhalatan akka hiikatuf yeroon gaha edda kennameefi yookan irra daddarbiin seera cimaa ammaleefamee yoo raawwate argamee tarkanfii fudhatamuudha. Seerrichi mirgaa jaarmayichaa eegsisuuf ofeegganno lama kan kaa'e yoo ta'u kunnis mirgaa dhageeffatamu fi gara mana murtii dhaabatatti qajeelfamu fa'adha.

## 6.9 Mirgaa dhageeffatamuu

Bu'uura keeyyata 79tiin jaarmiyaalee siivilii hawaasa kamirrattuu tarkanfii fudhachuun dura mirgi dhageeffatamuunisaani mirkanneefamuu akka qabu seerrichiin ni kaha. Jaarmayichiis dhimma ittin himatameerratti ragaa ittisa akka dhiyeefat-uuf yeroon gahan kennamuufi qaba. Jaarmayichiis falmaachuu/offirra ittisu akka danda'uuf qaamni aangoo qabu seera jaarmayichii cabsee jedhamerratti odeef-fanno ifaa fi gaha jarmayichaaf kennuu qaba. Hundumaa olitti ejensichii ragaa ittisaa jaarmayichiis dhiyeesee qaama bilisa ta'een qorachiisuu qaba.

## 6.10 Bu'alee diigamu

Diigamuun jaarmiyaalee siivilii hawaasa bu'alee lama qabaata isaanis: qulqulina herregaatiif i galmeerra haqamuudha. Qulqulleeffannaaherregaa jechuun haala jaarmiyaa siivilii hawaasa diigameetokko qabeenya ittin darbarsuu fi haala itti idaa hirmaatu jechuudha. Sirni kunis qaamolee jaarmayichaaf liqii laatan fi qoodatootajarmayichaa biroo eeguuf kan bocameedha. Diigamuun jaarmiyaa siivilii hawaasa kana (yeroo diigumsa fedhiidhan yookan murtii mana murtiitiin) yeroo ta'utti jarmayichiis digumsa kana guyya kudha shan (15) keessatti ejensiif beeksisu qaba. Ejensiichis kana baruun qabeenya jaarmayichaa qabatee, qaama herregaa qulquleessanii dhiyeesan muuduu qaba. Ejensichii qabeenyi jaarmiyaa siivilii hawaasa kun haala seera qabuun darbuu isa danbii ittin bulmaata jaarmiyichaatiif i karaa seeran mirkaneessuuf murtiin jaarmayichaa akeekaa danbii ittin bulmaatatiin kan raawwatamee ta'u gamagamuun ni danda'a.

**Gamtoolee irra kan hafee, jaarmiyaaleen siivilii hawaasa yeroo diigamatti qabeenyaanisaanii hundeesitootaaf, miseensotaaboardiitiif, hojatootaaaf, qaamoleearjoomaniif yookan miseensotaaf hiruu hin dan-daan. (keewwata.84/6)**

Qaamni herreqaa qulqulleessuu erga muudameen booda, aangoon qaama duran jaarmiyichaa bulchuu waan raawwatuuf hojjii jaarmiyichaa kan raawwatuuf qaamuma herregaa qulqulleessuuf muudamee kana ta'a. Qaamni herregaa qulqulleesuu gosoota qabeenyaa haala ifa ta'een, ibsa maallaqaas ni qopheesa akkasumas karaa barruleetiin yookan karaa biroon qaamolee liqii laatan yoo jiraatanif wammicha ni godha. Idaa jaarmiyichaati fi adeemsa diigumsa raawwachisuuf baasiin barbaachisuu xumuramee erga kafalameen booda qaamni herrega qulqulleessuu qabeenyaa jaarmiyichaa hafe bu'uura danbii ittin bulmaata jaarmiyichaa fi bu'uura seeratiin akka dabarfamu ni taasiisa. Galmeerra haqamuunis bu'aa diigamuun kan biraadha. Qaamni herregaa qulqulleessuu hojjii isaa xumuruu isa erga ejensichaati beeksiseen booda ejensichii jaarmiyichaa galmeerra ni haqa.

## 6.11 Akeeka ofiin ofbulchuu

Jaarmiyaaleen siivilii hawaasa iftoomina fi adeemsa sirna dimokratawwatiin madaaliwwan ittin ofbulchuu akka cimsataan ni jajjabeeffamu. Seerri haaran jaarmiyaalee siivilii hawaasas jaarmiyaaleen ulaagallee ittin hojjii isaanii fi eijjan-noo isaani ittin madaalaan akka qabaatan ni jajjabeesa. Akekumaa kaayyoo kanattin mani marree jaarmiyaaleen siivilii hawaasa seericha haaratiin hundeeftameera. Manni mariichaas:

- Qaamoota akka ejensii, arjoota fi qooda hirmaatotaa waliin mari'achuun namuusa qaamichiil hordofuu qaburratti danbii fi mala ittin raawwachifamu ni baasa, haala ittin raawwatamuus dhiyeenyatti hordofii ni godha.
- Haala galmee fi bulchiinsa jaarmiyaalee irratti ejensichaa fi boordiidhaaf yaada gorsa ni dhiyeesa
- Garee jaarmiyaaleen siivilii hawaasas bakka ni bu'a ni qindeesas
- Danbii keessoo isaa ni qopheeffata.

Jaarmiyaaleen siivilii hawaasa galmee raawwatan/galmeeffaman hunduu mana maree hirmannaa isaanittin geggeefamuun kana kessatti miseensa akka ta'an ni eegamu. Hundeffamni mana mare kunis sirna ofiin of bulchuu ni cimsa.



የኢትዮጵያ ፌዴራልዋ ይጥኩልበያዎ ሽጥብለክ  
የበሽል ማንበረሰቦ ይርጋግቶ እና ተስፋዎ



Federal Democratic Republic of Ethiopia  
AGENCY FOR CIVIL SOCIETY ORGANIZATIONS